# GAHEEWWAN TAPHOONNI IJOOLLEE DANDEETTIIWWAN DHAGGEEFFACHUUFI DUBBACHUU GABBISUU KEESSATTI QABAN: AANAA ADAAMII TULLUU JIDDOO KOMBOLCHAA

**QORANNOO SAGANTAA BARNOOTA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

**DADALAA BUNAA FINQILAA**

**BITOOTESSA, 2025**
**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA, HARAMAAYAA**

# Gaheewwan Taphoonni Ijoollee Dandeettiiwwan Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Gabbisuu Keessatti Qaban: Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa

**Qorannoo Barnoota Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Qunnamtiif Kan Dhiyaate**

**Daarektoreeta Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa**

**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA**

**Ulaagaa Ittii Guuttannaa Gar-Tokkee Digrii Lammaffaa Barnoota AFAAN OROMOOFI OGUMA BARSIISUUTIIN**

**Dadalaa Bunaa Finqilaa**

**Bitootessa, 2025**
**Yuunivarsiitii Haramaayaa, Haramaayaa**

**DAARIKTOOREETII SAGANTAA BARNOOTA DIGIRII DURAAN BOODAA**

**YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA**

Waraqaa qorannoo barataa Dadalaa Bunaa Finqilaatiin mataduree **Gaheewwan Taphoota Ijoollee Dandeettiiwwan Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Gabbisuu Keessatti qaban: Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa Xiinxaluu** jedhu irratti hojjachaa ture dubbisee madaaleera. Kanaaf, unkaa waraqaa qorannoo digirii duraan boodaa waan guuteef akka dhiheessu yaada kenneera.

| | | |
|---|---|---|
| ________________ | __________ | _______________ |
| Maqaa Gorsaa Ijoo | Mallattoo | Guyyaa |
| _________________ | ___________ | _______________ |
| Maqaa Gorsaa Gargaaraa | Mallattoo | Guyyaa |

Akka miseensa boordii qortoota Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa (MA) waraqaa qorannoo barataa Dadalaa Bunaa Finqilaa dubbisee madaaleera. Akka kootti waraqaan qorannoo kun unkaa waraqaa qorannoo sagantaa barnoota digirii duraan boodaa Afaan Oromoofi Ogumaa Barsiisuutiin niguuta jedhee mirkaneessee jira.

| | | |
|---|---|---|
| __________________________ | ___________ | __________ |
| Gaggeessaa | Mallattoo | Guyyaa |
| ___________________________ | __________ | __________ |
| Qoraa Keessaa | Mallattoo | Guyyaa |
| _________________________ | ____________ | __________ |
| Qoraa Alaa | Mallattoo | Guyyaa |

# IBSA QORATICHAA

Waraqaan qorannoo kun hojii koo kan ta'eefi kanaan dura yuunivarsiitii kamuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uu isaatiifi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame mara isaanii wabii keessa kaa'uu kiyya maqaafi mallattoo kootiin nimirkaneessa.

Maqaa: Dadalaa Bunaa Finqilaa

Bakka: Yuunivarsiitii Haramaayaa, Haramaayaa

Mallattoo ___________________________

Guyyaa _____________________________

# SEENAA QORATICHAA

Qorataan kun Hagayya, 1976 Godina Arsii Aanaa Digaluufi Xiijoo Ganda ‘Digaluu’ jedhamutti dhalate. Barnoota sadarkaa tokkoffaa bara 1984 kaasee haga bara 1991 Mana Barumsaa Digaluu sadarkaa tokkooffaatti kutaa 1-8, barnoota sadarkaa lammaffaa bara 1991 kaasee haga bara 1994tti Mana Barumsaa Cilaaloo Sadarkaa lammaaffaatti kutaa 9-12 barate. Bara 1996-1998tti Koolleejjii Barsiisotaa Roobee irraa sadarkaa barnootaa dippiloomaatiin gosa barnootaa Afaanotaan eebbifamuun, hojii barsiisummaa eegale. Itti aansuun, bara 2001-2008tti gara Yuunivarsiitii Saayinsiifi Teeknooloojii Adaamaa deemuun, barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruun sagantaa Gannaatiin barnoota hordofaa turuun digirii jalqabaan eebbifame. Bara 2010tti barnoota digirii lammaffaa Afaan Oromoo, Ogumaafi qunnamtii barsiisuutiin barachuuf Yuunivarsiitii Haramayaa seene. Walumaagalatti, waggoota kudha-torbaaf manneen barnootaa aanaa Adaabbaafi Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti barsiisummaan tajaajileera.

# GALATA

Duraan dursee Rabbii kanaan nagaye galateeffachuun barbaada. Itti aansuun hojii qorannoo kana hennaa qopheessu nuffii tokko malee, yeroofi beekumsa qaban osoo hinqusatin jalqabaa hanga dhumaatti gorsa kan naaf kennaniifi tumsa ogummaa isaanii kan naaf gumaachaa turan gorsaa ijoo koo Taaddalaa Dheeressaafi gorsaa gargaaraa Abbabaa Lammeessaa (PhD) baay'een galateeffadha. Akkasumas, galma ga'iinsa qorannoo kanaaf, bu'uura ta'uun ragaa qulqullaa'aa naaf kennuun kan na bira dhaabatan jiraattota gandoota baadiyyaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaafi ogeessota waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa kanaa nigalateeffadha. Dabalataanis maatiifi hiriyyoota koo hunda qaamaafi yaadaan na deeggaraniif galanni koo guddaadha. Addatti haadha mana koo rakkoofi dararaa ani keessa darbaa ture nafaana dhandhamuun akkan qorannoo kana xumuru waan nataasifteef yoomiyyuu galanni kee addadha. Dhumarrattis, ijoollee koo Sabaaif Dadalaafi Sabaanaati Dadalaa naamusa yeroo ani mana keessatti qorannoo kana qindeessu gootaniif guddaa galatoomaa jechuunii barbaada.

## JIBSOO

| | |
|---|---|
| Konkonachuu | Akkaataa Naachi itti deemu jechuudha |
| Jifuu | Foon qalame wahii harkatti namaa kutuu |
| Waraana | Meeshaa sibiila irraa tolfame kan dhandhoolaaf tolu |
| Arfii | Fiixee yookiin qarqara waraanaa ykn eeboo |
| Kaamoo | Gosa ilbiisaa kan goda keessa galuudha |
| Dukkoo | Gola keessa bakka dhokataa |
| Maraaroo | Gosa biqilootaa kan bifti isaa magariisaa ykn reejjii |
| Galda'uu | Sagalee ol kaasuun dhageessisuu |
| Hidhoo | Sirrii mitii jechuudha |
| Goshoo | Jaalallee yookiin hiryyaa lubbuu |
| Gorba | Jibicha reefuu jabbummaa irraa bahe |
| Dannabsuu | Rifachiisuu, naasisuu |
| Baashee | Beela garmalee nama rakkisu |
| Harsama | Gowwaa waatakkaa hin beekne |
| Shersheraa | Uffata garmalee ciccite |
| Siphachuu | Waan akka daakuu afaaniin habbuuquu |

BAAFATA

IBSA QORATICHAA I
**SEENAA QORATICHAA** II
**GALATA** III
**JIBSOO** IV
**AXAREERA** VIII
**1. SEENSA** 1
**1.1. Seenduubee Qorannichaa** **1**
**1.2. Ka'uumsa Qorannichaa** **2**
**1.3. Gaaffilee Qorannichaa** **5**
**1.4. Kaayyoo Qorannichaa** **5**
1.4.1. Kaayyoo Gooroo ***5***
1.4.2. Kaayyoowwan Gooree ***5***
**1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa** **5**
**1.6. Daangaa Qorannichaa** **6**
**1.7. Hanqina Qorannichaa** **6**
**2. SAKATTA'A BARRUULEE WALFAKII** 8
**2.1. Maalummaa Ijoollee Akka Sirna Gadaatti** **8**
**2.2 Maalummaa Ijoollee Akka Seeraatti** **9**
**2.3 Maalummaa Ijoollee Akka Xiinsammuutti** **9**
**2.4 Maalummaa Tapha Ijoollee** **9**
**2.5 Gosoota Tapha Ijoollee Maqaafi Qabiyyeedhaan** **10**
**2.6 Yoomessa Tapha Ijoollee** **11**
**2.7 Faayidaa Tapha Ijoollee** **11**
**2.8 Gahee Tapha Ijoollee Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Gabbisuu Keessatti** **12**
**2.9 Yaadiddama Qorannichaa** **12**

ITTI FUFAA……….


2.9.1 Yaadiddama Tajaajilummaa *13*

2.9.2 Yaadiddama Galuumsaa *13*

**3. XIINMALA QORANNICHAA** 14

**3.1. IBSA NAANNOO QORANNICHAA 14**

**3.2. SAXAXA QORANNICHAA 18**

**3.3. MADDA RAGAALEE 18**

**3.4. IDDATTOOFI MALLEEN IDDATTEESSUU 18**

**3.5. MEESHALEE FUNAANSA RAGAALEE QORANNICHAA 19**

3.5.1. Afgaaffii *20*

3.5.2 Daawwannaa Hirmaachisaa *20*

3.5.3 Marii Garee Xiyyeeffannaa *20*

**3.6 TOOFTAALEE QAACCESSA RAGAALEE 21**

**3.7 NAAMUSA QORANNICHAA 21**

**4. DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE** 23

**4.1. GAHEEWWAN TAPHOONNI IJOOLLEE DHAGGEEFFACHUUFI DUBBACHUU GABBISUU KEESSATTI QABAN 23**

4.1.1 Jechoota Haaraa Barsiisuu *24*

4.1.2 Waliin Dubbii Barsiisuu *26*

4.1.3. Naamusaan Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Barsiisuu *29*

4.1.4 Sodaa Malee Dubbachuu Shaakalchiisuu *30*

4.1.5 Ariitiin Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Shaakalchiisuu *32*

4.1.6 Yaada Ofii Baldhinnaan Ibsachuu Shaakalchiisuu *34*

**4.2 AKKAATAA TAPHOONNI IJOOLLEE JECHAAN RAAWWATAMAN DANDEETTI DHAGGEEFFACHUUFI DUBBACHUU GABBISAN 36**

4.2.1 Akkaataa Gama Maatiitiin IJoolleen Dhaggeeffachuufi dubbachuu Itti Dagaagfatan *37*

4.2.2 Akkaataa Gama Hiriyyootaan Ijoolleen Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Dagaagfatan *37*

4.2.3 Akkaata Ijoolleen Ofii Isaaniitiin Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Itti Dagaagfatan *39*

**4.3 HAALLI ITTIFAYYADAMA TAPHOOTA IJOOLLEE AANICHA KEESSATTI MAAL FAKKAATA 40**

4.3.1 Haala Ittifayyadama Taphichaa Sadarkaa Maatiitti *40*

4.3.2 Haala Ittifayyadama Taphichaa Sadarkaa Mana Barumsaatti ***41***
4.3.3 Haala Ittifayyadama Taphichaa Sadarkaa Ijoolleetti ***43***
**5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO** 45
**5.1 CUUNFAA** **45**
**5.2 ARGANNOO** **46**
**5.3 YABOO** **47**
**6. WABIILEE** 48
**7. DABALEEWWAN** 52
**DABALEE A: CHEEKLISTII DAAWWANNAA HIRMAACHISAA** 52
**DABALEE B: MARII GAREE XIYYEEFFATAA** 53
**DABALEE C: AF-GAAFFII** 54
**DABALEE D: CHAARTII ODEEFF-KENNITOOTAA** 55
**DABALEE E: TAPHOOTA IJOOLLEE RAAWWII JECHAATIIN TAPHATAMAN** 57

**Gaheewwan Taphoonni Ijoollee Dandeettii Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Gabbisuu Keessatti Qaban:** Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa


## AXAREERA

*Ka'umsi qorannoo kanaa taphoonni ijoollee kanneen dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisan dagatamaa jiraachuu isaaniiti. Bakki qorannoon kun itti gaggeeffame Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa yoo ta'u, kayyoon qorannoo kanaa gaheewwan taphoota ijoollee dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti qaban xiinxaluu yoo ta'u, kaayyoo kana galmaan ga'uuf qorataan mala qorannoo akkamtaatti dhimmi baheera. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaa yoo ta'u, kunis taphoota ijoollee irratti namoota muuxannoo gahaa qaban mala iddatteessuu mitcarraa keessaa iddatteessuu dhimmataafi darbaa dabarsaattiin filatamaniiru. Meeshaalee funaansa ragaalee keessaa daawwannaa hirmaachisaa, marii garee xiyyeeffataafi afgaaffii fayyadamuun ragaaleen manguddoota, barsiisota, haawwotaafi ijoolleerraa sassaabameera. Xiinmala akkamtaa keessaa saxaxa sanyaabsa fayyadamuun ragaaleen funaannaman qaacceffamaniiru. Akka kanaan qorataan gaaffilee bu'uuraa qaacceffamanirra dhaabbachuun taphoonni ijoollee kanneen jechaan raawwataman dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti gaheewwan asii gadii kan qaban ta'uu mirkaneeffateera. Isaanis: gahee jechoota haaraa barsiisuu, gahee waliin dubbii barsiisuu, gahee naamusaan dhaggeeffachuufi dubbachuu barsiisuu, gahee sodaa malee dubbachuu shaakalchiisuu, gahee ariitiin dhagayuufi dubbachuu shaakalchiisuufi gahee yaada ofii baldhinaan ibsachuu danda'uu shaakalchuusuu fa'a akka ta'an hubatameera. Dhumarratti, Waajjirri Aadaafi Turiizimiifi waajjirri Barnootaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa taphoota ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti gahee qaban walitti qabee barreeffamatti jijjiiruun dhaloota osoo kaayee. Akkasumas taphoonni ijoollee dandeettii afaanii duraa lamaan barsiisuu keessatti gahee waan qabaniif maatiin mana keessatti barsiisonni mana barumsaatti osoo taphsiisanii.*

# 1. SEENSA

Qabxiileen mataduree kana jalatti dhiyaatan: seen-duubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, gaafilee bu'uuraa qorannichaa, kaayyolee qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqinoota mudachaa turan akka itti aanuun dhiyaataniiru.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Hawaasni kamuu aadaa, duudhaa, safuu, seenaafi eenyummaa mataa ofii kan jiruufi jireenya isaa keessatti raawwatu qaba. Isaanis karaalee addaddaatiin dhalootaa dhalootatti dabarsaa ture ammas dabarsaa jira. Akka Dorson (1972) ibsutti wantoonni hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti raawwatu martinuu fookloorii jalatti kan hammataman jechuun ibsa. Isaanis, kanneen akka durdurii, mammaaksaa, hibboo, weedduu, faaruu, eebbaa, abaarsa, qoccolloo, nagaa gaafannaa, uffata aadaa, nyaata aadaa, ijaarsa manaa, geerarsaa, faaruu gootaafi tapha ijoollee k.k.f akka ta'an yaada isaa irraa hubachuun nidanda'ama.

Dabalataanis Oring (1986) fooklooriin beekumsa hawaasni tokko afaaniifi gochaan labataa labatatti walitti dabarfachaa akka dhufeefi isaanis kanneen akka falaasamaa. Seenaa, eenyummaa, ilaalcha hawaasaa, duudhaa, amantii, safuu, safeeffannaa, diinagdee, siyaasa, beekumsafi jiruufi jireenya hawaasaa hunda kan hammatu akka ta'e yaadasaarraa ni hubatama. Haaluma yaada kana deeggaruun (Addunyaan, 2014) yoo ibsu, afoolli daawwitii jireenyaa hawaasni tokko kaleessa uumatee har'a jiraatee boruuf immoo kan kaayatuufi kunuunfatuudha jechuun ibsa.
Hawaasni Oromootis, duudhaa fookiloorii gargaaramuun eenyummaa, aadaa, seenaafi duudhaa isaa ibsata Filee, (2021). Kana jechuun hawaasni Oromoo akkuma hawaasa kamuu afoolatti gargaaramuudhaan jiruufi jireenya isaa keessatti itti fayyadamaa ture, itti fayyadamaas jira, dhaloonnis akka itti fayyadamu haala mijeessa jechuudha.

Gama biraatiin Finnegan, (1970) gosoota afoolaa yoo ibsitu, "Afoolli dimshaashumatti karaa lamaan ilaalamuu kan danda'u yoo ta'u, inni tokko kan nama hawwatu ta'ee dubbiidhaan yookaan hololoon kan darbuu yoo tahu; inni lammataa immoo bifa walaloofi yeedaloodhaan

dhiyaachuu kan danda'uudha" jetti. Misgaanuun (2011) immoo gosoota afoolaa kan akka afseenaa, unka gabaaboofi afwalaloo jechuun bakka sadiitti hira.

Akka yaada Ann Brich, (1997) immoo taphoonni ijoollee, ijoollee miira waldorgommiifi falmii isaan keessatti uumuudhaan ijoolleen jireenya isaanii keessatti ofitti amanamummaa akka horatan taasisa jedha. Yaada kana deeggaruun Lindon (2001) taphoonni ijoollee taphoota duudhaa hawaasaa keessaa maddaan kanneen akka hiibboo, durdurii, afseenaa fa'a akka dabalatuufi sammuu ijoollee cimsuu, booharsuu, bashannansiisuu, naannoo isaanii barsiisuu, afaan akka hiikkatan gochuu keessatti shoora guddaa kan qabuudha jedha. Dabalataanis taphoonni ijoollee kallattii garagaatiin dandeettii bu'uuraa isaanii akka gonfataniif shoora olaana kan qaban ta'uu dubbata.

Walumaagalatti taphni ijoollee akaakuuwwan afoolaa keessaa isa tokko ta'ee gochaafi jechaan ijoolleen yoomessa adda addaa keessatti dhuunfaan, nama lamaan, gareedhaaniifi maatiin kan taphachiisuu danda'u fa'a akka ta'e yaadota ka'anirraa hubachuun ni danda'ama. Taphoonni ijoolleetis ijoollee dandeettiiwwan afaaniitiifi ogummaalee garagaraa kan horachiisaniifi booharsuu akkasumas wantoota hudduu barsiisuu keessatti qooda guddaa kan qaban ta'uu isaaniiti.

## 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala gaheewwaan taphoota ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qabanirratti kan xiyyeeffatuudha. Akkan manguddootarraa dhagayeefi muuuxannoo koo yeroo mana barumsaatti barsiisurraa hubadhetti taphoonni ijoollee dandeettiiwwan afaanii gabbisuu keessatti shoora olaanaa akka qabaniidha. Keessattuu ijoolleen taphoota adda addaa manaafi naannoo isaaniitti taphachuun ittiin booharuun cinatti dandeettiiwwan garagaraa ittiin horatu. Yaata'uumalee, aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti mana barumsaa Bulbulaa sad.2ffaa yeroo afaan Oromoo barannoo dhaggeeffachuufi dubbachuu barsiisu ijoolleen daree barnootaa keessatti waa'ee tapha ijoollee yeroo gaafadhuu sirritti hin beekan, taphoota ijoollee beektan walitti himaa yoo jedhaman himuu hin danda'an, gosoota taphoota ijoollee beektan walitti himaa yoo jedhamanis taphoota ammayyaa malee kan xabboo hin beekan. Haalli kun bifa kanaan itti fufnaan akka aanaa kanaatti ijoolleen faayidaa taphoota ijoollee irraa argachuu qaban dhabaa deemu jechuudha.

Kanaafuu qorataan yaada asii olitti caqafame kana ka’umsa godhachuun taphoota ijoollee aanaa kana keessa jiran walitti qabuun gaheewwan isaan dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban maal maal akka ta’an adda baasuun barreeffamatti jijjiiree dhalootaa akka darbu barbaada. Akka aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti qorannoon gaheewwan taphoota ijoolleen walqabatee gaggeeffame hin jiru waan ta’eef qorannoo gaggeessuun barbaachiseera.

Gaheewwan taphoonni ijoollee dhaggeeffachuufi dubbachuu keessatti qaban ilaalchisee qorannoon kallatiin mataduree kanaan walfakkaatan baay’innaan jiraatuu baatus, qorannoowwan kallatiinis ta’ee al-kallatiidhaan mataduree qorannoo kanaan walfakkaatan kan yeroo adda addaa, namootaa adda addaatiiniifi bakka addaddaatti dalagaman tokkummaafi garaagarummaan isaanii akka asii gadii kanatti dhihaataniiru.

Indaalem Qalbeessaa (2020) xiyyeeffannoo qorannoo isaa, ‘‘Qaaccessa Tapha Ijoollee: Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Jimmaa Horroo’’ irratti gaggeessee jira. Kaayyoon qorannoo isaa taphoota ijoollee qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Ciminni qorannoo isaa kaayyoo qorannoo isaatiifi argannoon isaa walsimataadha. Akkasumas haalli qaaccessa ragaalee isaatis gaariidha. Wanti akka hanqinnaatti ilaalaman keessaa hub-daawwannaa si’a meeqa akka gaggeesse wanti ibsame hinjiru. Akkasumas sababeessuu irrattis hanqinnatu mul’ata.

Tokkummaan qorannoowwan lamaanii mataduree tapha ijoollee jedhu filachuun, meeshaalee funaansa ragaalee walfakkaatu fayyadamuu, mala qaaccessa ragaalee akkamtaa fayyadamuun kan walfakkaatan yoo ta’u, garaagarummaan isaanii immoo, qorannoon Indaalem qaaccessa tapha ijoolleerratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u, kan qorataa ammaa immoo gaheewwan taphoota ijoollee kanneen jechaan raawwataman dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu keessatti qaban xiinxaluu irratti xiyyeeffachuu isaati. Akkasumas daangaan qorannoo isaa Godina Qellam Wallaggaa Aanaa Jimmaa Horroo yoo ta’u, kan qorataa kanaa immoo Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaati. Kaayyoon qorannoo Indaalem Taphoota ijoollee Aanaa Jimmaa Horroo keessatti taphataman qaaccessuu yoo ta’u, kan qorataa ammaa immoo Gaheewwan taphoonni ijoollee kanneen jechaan raawwataman dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu keessatti qaban xiinxaluudha.

Qorannoon biroo Irranaa Gabayyootiin (2019), ‘‘Faayidaa Taphni Ijoollee Ijoollee Barsiisuu Keessatti Qabu: Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Gannatiitti Xiyeeffatu’’ geggeeffamee jira. Kaayyoon qorannoo isaa faayidaa taphni ijoollee, ijoollee barsiisuu keessatti qabu irratti xiyyeeffata. Ciminni qorannoo isaa kaayyoon qorannoofi argannoo qorannoo isaa walarguu isaa, sakatta’a barruu isaa dhimma mataduree isaa waliin deemu sakatta’uu isaa, meeshaalee funaansa ragaalee sirrii filachuu isaa akka ciminaatti kan ka’uudha. Wanti akka hanqinaatti ka’uu danda’u immoo marii garee xiiyyeeffataa irratti namoota muraasa fudhachuu isaati.
Tokkummaan qorannoo lamaanii mataduree tapha ijoollee jedhu waliin qoodachuu, xiinmala qorannoo walfakkaatu fayyadamuu, meeshaa funaansa ragaalee walfakkaataa filachuufi iddattoo miti-carraa faayyadamuun kan walfakkaatan yoo ta’u, kaayyoofi argannoo qorannootiin lamaanuu garaagarummaa qabu.

Qorannoon Massaluu Qinaaxxii (2017), ‘‘Qaaccessa Faayidaa Tapha ijoollee Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Baakkoo Tibbeetitti’’ kan xiyyeeffatu gaggeessitee jirti. Kaayyoon qorannoo ishee faayidaa tapha ijoollee qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Ciminni qorannoo ishee, kaayyoon qorannichaafi argannoon qorannoo ishee walsimataadha. Akkasumas qorannoo ishee amanamaa taasisuuf iddattoo bal’aatti fayyadamtee jirti. Hanqinni qorannoo ishee; sakattaa barruu firoominaa keessatti waa’ee tapha ijoollee caalaa fookiloorii irratti xiyyeeffachuu isheeti.
Tokummaan qorannoo lamaanii: Mataduree tapha ijoollee jedhu waliin qabaachuu yoo ta’u, garaagarummaan isaanii immoo kaayyoo qorannoofi daangaan qorannoo addaaddummaa kan qaban ta’uu isaaniiti.

Aschaalew (2017), xiyyeeffannoon qorannoo isaa gosoota taphoota ijoollee qaaccessuu yoo ta’u, qorannoon kun immoo gaheewwan taphoonni ijoollee dhaggeeffachuufi dubbachuu keessatti qaban xiinxaluudha. Wanti qorannoo kanneen walfakkeessu lachuu taphoota ijoollee irratti gaggeeffamuu isaaniiti.

Walumaagalatti matadureeleen kanaan dura taphoota ijoollee ilaalchisuun hojjataman hunduu taphoonni ijoollee jechaan raawwataman dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti gaheewwan qaban kan hin ibsine, taphoonni ijoollee jechaan raawwataman kunneen haala kamiin yoo fayyadaman dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbisuufi taphoonni ijoollee

dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisan akka qabatama aanaa Adaamii Tulluu jiddoo Kombolchaatti haala maalirra akka jiru kan hin ibsine waan ta'aniif qorannoo kanarraa adda ta'u. Kanaafuu qorannoo kanaan gaheewwan taphoonni ijoollee dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban xiinxaluu, taphoonni ijoollee akkamitti yoo fayyadaman dhaggeeffachuufi dubbachuu akka cimsan ibsuufi haalli itti fayyadama taphoo ijoollee akka qabatama aanaa kanaatti maal akka fakkaatu ibsuun qaalawa ykn hanqina qorannoowwan asii olitti caqafamanii kan guutu ta'a.

## 1.3. Gaaffilee Qorannichaa

Gaafiiwwan bu'uuraa qorannoo kanaan deebii argatan akka asii gadii kanaan tarreeffamanii jiru

1. Taphoonni ijoollee dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti gaheewwan akkamii qabuu?
2. Taphoonni ijoollee akkamiin dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu danda'u?
3. Haalli itti fayyadama taphoota ijoollee aanaa Adaamii Tulluu yeroo ammaa maal fakkaata?

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa gaheewwan taphoonni ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban xiinxaluudha

### 1.4.2. Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa:

1. Gaheewwan taphoonni ijoollee dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban xiinxaluu.
2. Taphoonni ijoollee dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee akkamitti akka gabbisan ibsuu.
3. Haalli itti fayyadama taphoota ijoollee aanaa Adaamii Tulluu yeroo ammaa maal akka fakkatu ibsuu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanna inni ijoon taphoota ijoollee kanneen dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti gahee qaban dagatamaa dhufuu irraa kan ka'e sodaa baduu danda'u jedhu hambisuuf kan barbaachisuudha. Qorattoonni dabalataan waa'ee taphoota ijoollee irratti qarannoo gaggeessuu barbaadan akka madda ragaatti itti gargaaramuu danda'u. Keessattuu, sakatta'a barruulee walfakkii keessatti tokkummaafi

garaagarummaa qorannoo kanaatiifi kan isaan gaggeessuu barbaadan gidduu jiru, xiinmala isaa, yaadiddama isaanii, saxaxa qarannoofi kanneen kana fakkaatan wal-bira qabuun ibsuu irratti ittifayyadamuu danda'u.

Dabalataanis qaamota bu'aa qorannoo kanaatiin fayyadamuu danda'an keessaa barsiisotaafi ogeeyyiin barnootaa sadarkaa addaddaa jirandha. Barsiisotaafi ogeeyyiin barnootaa taphoota ijoollee kanneen jechaan raawwataman dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee dagaagsan adeemsa baruu-barsiisuu keessatti fayyadamuudhaan daree barnootaa keessatti ittiin barsiisuun dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu barattootaa ittiin gabbisuu nidanda'u.

Walumaagalatti qorannoon kun gaggeeffamee yoo xumurame: Sodaa baduu taphoota ijoollee jechaan raawwatamanii kan xiqqeessu, qorattoota biraa waa'ee taphoota ijoollee irratti qorannoo gaggeessaniifi akka madda ragaatti kan gargaarufi barsiisonniifi ogeeyyiin barnootaa kan dhimmi itti bahan ta'a. Dabalataan, waajjirri Aadaafi Turizimii bu'aa qorannoo kanaa kuufachuun akka ragaatti qabachuun gaheewwan taphoota ijoollee kanneen jechaan raawwataman daandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban kan jechaan jiru gama barreeffamaatti jijiirame kana kuusuun qaama mataduree kanarratti qorannoo gaggeessuufi kan birootiif akka wabiitti akka gargaaramaniif nitajaajila.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun bakkaafi qabiyyee isaatiin daangeffameera. Akka kanaan daangaan qorannoo kanaa Gaheewwan taphoonni ijoollee kanneen jechaan raawwataman dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban xiinxaluu irratti kan daangeffameedha.
Kana malees, taphoonni ijoollee aanaa garagaraa keessatti yoo argamaniiyyuu, aanaalee kanneen hundarratti qorannoo gaggeessuun baayyee ulfaataa waanta'uuf qorannicha gadifageenyaan qorachuufi argannoo dimshaashaafi amanamummaa qabu bira gahuudhaaf qorataan qorannoo isaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessaa ganda magaalaa tokkoofi gandoota baadiyyaa sadi kanneen filataman irratti gaggeesseera.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorataan tokko Qorannoo yemmuu geggeessu hanqinni garaagaraa isa qunnamuu akka danda'u ni timaama. Akka kanaan, yeroo qorannoon kun dalagametti wantoonni akka hanqinnaatti mul'atan: qorannoo kanaaf namoonni akka iddattootti filataman tokko tokko odeeffannoo kennuuf fedhii dhabuu, akkaataa barbaadameen odeeffannoo argachuuf wanta rakkisaa ta'eedha.

Garuu, rakkoo kana hanga danda’ametti iddattoota waliin mari’achuun amansiisuun, ragaa barbaadamu irraa argachuun danda’amee jira.

Kan biroo rakkoon ijoon qorataa muudate, haala nageenyaa biyyaattiin qabatama yeroo ammaa keessa jirtuudha. Kessattuu, rakkoo nageenyaa iddoo qorannoon kun geggeeffamutti guyyaa guyyaan uumamuun qorataan gandoota keessa marmaaree akka barbaachisummaa isaatti odeeffannoo funaannachuu hindandeenye. Haata’u malee, hagamillee yeroon dheeratus hennaa tasa tasgabbiin argamu halkan guyyaa, rooba caama osoo hinjenne iddattoota qunnamuun ragaalee barbaachisoo ta’an sassaabachuun rakkoo gama kanaan uumames hamma danda’ameen furachuu danda’eera.

# 2. SAKATTA’A BARRUULEE WALFAKII

Mataduree kana jalatti qabxiileen sakatta’aman: maalummaa ijoollee, maalummaa tapha ijoollee, gosoota tapha ijoollee, yoomessa tapha ijoollee**,** faayidaa tapha ijoollee, gaheewwan taphoota ijoolleefi yaadiddamni qorannuu walduraa duubaan kan dhihaataniiru

## 2.1. Maalummaa Ijoollee Akka Sirna Gadaatti

Oromoon sirna Gadaa keessatti sadarkaa guddinna umrii irratti hundaa’uun daa’imman qoqqooduun maqaa garagaraa itti moggaasuun waama. Qoqqoodama kana keessatti gahee isaanii ibsuun sadarkaa keessa darbuu qabaniin maqaa itti moggaasa. Kanaaf sadarkaa daa'imummaafi ijoollummaa addaan baasuuf, sadarkaalee gadaa keessatti umriin ittiin kaa’amu keessaa dabbaleefi gaammeen fudhatamanii jiru. Sababiin isaaatis umriin daa’imummaafi ijoollummaa sadarkaalee lameen kana gidduutti waan argamuufidha.

**A. Dabballee:** Akka sadarkaalee marsaa gadaa Oromootii dabballeen daa’imman umriin isaanii waggaa (0-8) ta’eedha. Jiilee (2012) Hayiluu Bantii (1997) wabeeffachuun yemmuu ibsitu, sadarkaa kanatti maatiin abbaa bookkuu bira daa’imman isaanii geessuun hammachiisu, eebbisiisu, maqaas moggaasisuu. Sadarkaa kana keessatti maatiin kunuunsa barbaachisaa gochuuniifi daa’imman qananiidhaan akka guddatan godhu. Akkasumas taphoota akka huruursuutiin booharsuun daa’imman guddisu

**B. Gaammee:** Akka sirna gadaa hawaasa Oromootti ijoollee umriin isaanii waggaa (9- 16) ta’an gaammee jedhamu. Akka Jiilee(2012) ibsitutti daa’imman yeroo sadarkaa kana seenan “ suutuu buusa” jedhamee, raadni tokko kennamaafi. Akkasumas mataa isaaniirraa rifeensa guutumatti haaduun sadarkicha sadarkaalee biroo irraa adda ta’uu agarsiisu. Sadarkaa kana keessatt ijoolleen dhiiraatis ta’ee shamarranii ‘sokkee’ jedhamuun waamamuu danda’u. Yeroo kanatti sanyii isaanii abbaa irraa eegaluun gara duubaatti lakkaahuu maatii isaanii irraa baratu. Ijoolleen dubaraa ogummaawwan akka jibrii foohuu, hodhaa hodhuu, hojii

mana keessaa hunda haadholii isaaniirraa ni baratu. Warri dhiiraa immoo akka hormaataafi horii itti qabaniifi ogummaalee biroo abbootii isaaniirraa barachaa adeemu.

Gaammeen naannoo jireenyaa isaanii irraa fagaatanii deemuu, hojii sasalphaa ta'e akka hojjatan ni taasifamu. (https//:en.m.wikipedia.org/wiki/talk:gadaa). Akka yaada asii oliirraa hubatamutti ijoolleen hawaasa Oromoo biratti yeroo dhalatanirraa jalqabanii hanga waggaa saddeetii maatiin isaanii kunuunsaafi gahee hojii ulfaataa ta'e itti hin kennan. Haata'u malee sadarkaa gaammee keessa yoo seenan gaheen hojii isaanii hawaasa keessatti qaban dabalaa kan deemu ta'a.

Walumaagalatti umriin daa'imummaafi ijoolummaa garaagarummaa kan qaban ta'uu isaatiifi akka sirna Gadaatti ijoollummaan waggaa 8-16 ta'uu isaa hubanna.

## 2.2 Maalummaa Ijoollee Akka Seeraatti

Akka Seerri Adabbii Yakkaa Mootummaa Federaala Itoophiyaa keewwata 52fi53 ibsutti ijoollee kanneen jedhaman warra umriin isaanii waggaa 15 gadiiti. Akka heera mootummaa biyya kanaatti immoo ijoollee kaneen jedhaman warra umriin isaanii waggaa 18 gadii akka ta'an eera.

## 2.3 Maalummaa Ijoollee Akka Xiinsammuutti

Qorattoonniifi barreessitoonni maalummaa ijoollee karaa adda addaatiin ibsanii jiru. Akka kanaan (Ann Brich 1997) maalummaa ijoollee akka itti aanu kanatti ibseera: dhalootaa (0-2), daa'mman waaggaa 2-6 tti ijoollummaa ganamaa, waggaa 6-12 ijoollummaa boodaa, waggaa 12-19 dargaggummaa jechuun ibsa. Akka yaada nama kanaatti maalummaan ijoollee ibsuuf umrii ijoollee dhalootaa hanga waggaa 19 jirutti fayyadamuun qoqqooduun akka danda'amu ibsa.

Walumaagalatti maalummaa ijoollee akka sirna gadaatti hanga waggaa 16 yoo tahu akka beektota xiinsammuutti immoo hanga waggaa 19fi akka seera yakkaatti waggaa 15 akka heera biyyaatti immoo waggaa 18 waan jedhuuf yaadota asii olitti dhihaatanirraa umriin ijoollummaa qamoota adda addaatiin dhihaate kan walitti dhiheenya qabu ta'uu isaattu hubatama.

## 2.4 Maalummaa Tapha Ijoollee

Akka Finnegan (1970) ibsitetti, taphinni ijoollee kan ijoolleen kophaa isaanii taphatan, hiriyyoota isaanii waliin taphatan yookiin kan namoonni gurguddaan ijoolleetti himuun ijoollee barsiisan fa'a akka ta'e dubbatti. Akka Jennie (2001) ibsutti immoo, taphni ijoollee kan amma

haala ammayyummaatiin gabaarra jiran osoo hinta'in durirraa kaasee akka duudhaa hawaasaatti ijoolleen kan taphatamaa tureefi ammas taphatamaa jiru akka ta'e dubbata. Yaaduma kana utubuun Misgaanuun (2011), taphoonni ijoollee gosoota afwalaloo keessaa isa tokko akka ta'eefi innis bifa walaloofi seenessootiin kan dhiyaatu ta'uu dubbata. Fedhasaanis (2013) gama isaatiin; Cass (1972) wabeeffachuun taphni ijoollee kan ijoollee waan addaddaa barsiisu akka ta'e ibsa.

Akka yaada asii olii irraa hubachuun danda'amutti taphni ijoollee gooroowwan ogafaanii keessaa isa tokko ta'ee kan hedduminaan ijoollee keessatti hirmaattudha. Taphni ijoollee ijoollee booharsa, naannoo isaan barsiisa, dandeetti waayaaduu cimsaaf, miira waldorgommii akka horatan taasisa. Dabalataanis hariiroo dansaa ta'e hawaasa waliin akka qabaatan gochuun cinatti sammuu isaanii bashannansiisuufi barsiisuu kan danda'uudha.

Dabalataan (Ann Brich 1997) maalummaa tapha ijoollee yoo ibsu, taphni ijoollee kan ijoolleen haala naannoo isaanii ittiin hubatan, aadaa, duudhaa, safuu ittiin baratan, fedhaafi hawwii qaban kan ittiin ibsatan, akkasumas yaadaafi sooda qaban karaa taphaatiin akka ibsatan kan gargaaru akka ta'e yaada isaa irraa hubatameera. Ijoolleen muuxannoo hawaasin guyyaa guyyaan calaqqisiisu kan muuxatan, hubannoofi beekumsa adda addaa irraa kan gabbifataa deeman tahuutu hubatama.

Walumaagalatti taphoonni ijoollee aadaa hawaasaa keessaa kan maddaan, dhaloota dhalootatti darbaa kan dhufan, yoomessa adda addaa keessatti kan taphatamna, daandeettii cimna qaamaa ijoollee kan cimsan, tooftaa ykn tarsiimoo garagaraa ijoollee kan barsiisan, ijoolleen kalaqa adda addaa horataniifi kan biroo kan fayyadu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

## 2.5 Gosoota Tapha Ijoollee Maqaafi Qabiyyeedhaan

Taphoonni ijoollee gosoota addaddaa akka qaban qorattoonniifi barreessitoonni addaddaa nidubbatu. Akka Finnegan (1970) jettutti, ijoolleen Afrikaa akkuma ijoolle addunyaa biroo gosoota taphoota walfakkatu qabu jetti. Gosoonni kunneenis: kan walaloon taphataman, sirboota miira namaa harkisan, kan gareen taphatamu, kan wal ari'uun taphatamuufi gaafiifi deebii kan of keessaa qabu fa'a akka ta'etti kaasti. Qorataan Delf Maria Hohmann (1993) gosoota tapha ijoollee akka gadii kanatti qoqqoodeera. Isaanis: tapha waliin dubbii, tapha utaalchoo, tapha gochaa, tapha waldorgommii, tapha morkii, tapha akkeessaa, tapha walgaafachuu, tapha walari'uun qabuu, tapha jechaafi fiigichaafi kkf ta'uu ibseera.

Dabalataan, Okpewhonis (1992) akaakuu tapha ijoollee yoo ibsu, hawaasa tokko keessatti akkaataa ijoolleen naannoo isaaniitti taphatan irratti hundaa’uun taphni ijoollee jechoota, sagalootaafi birsagoota irratti xiyyeeffachuun ariifannaan ykn irradeddeebiin kan taphataman akka jiran addeessa.

## 2.6 Yoomessa Tapha Ijoollee

Taphoonni ijoollee yeroo, haalaa fi bakka addaddaatti taphatamuu akka danda’u Finnegan (1970) ibsitee jirti. Akka kanaan taphoonni ijoollee ganamaafi galgala, naannoo mana jireenyaatti, mana barumsaa keessatti, waqtiilee waggaa keessaa akkaataa barbaachisummaa isaatti kan taphatamu fi bakka ciisichaa osoo hirribni hinqabiin kan taphatamu fa’a akka ta’e kaasti.

Gama biraatiin, Dafaan (1974) yoomessa taphoota ijoollee waqtiileedhaan walqabsiisuun yoo ibsu, taphoota yeroo gannaa taphataman, taphoota yeroo birraa taphataman, taphoota yeroo bonaa taphatamaniifi taphoota yeroo arfaasaa taphatan jechuun qoodee jira. Walumaagalatti, taphoonni ijoollee yoomessa asii olitti ibsaman kanaan kan taphataman ta’uu isaati.

## 2.7 Faayidaa Tapha Ijoollee

Dafaan (1974) faayidaa tapha ijoollee kan jennu kun ijoolleen akeeka barumsa guddaa akka ittiin baran qaama jabeeffatan, akeeka gootummaa ittiin baratan, akeeka bineensa adamsuu, akeeka miliqqee dubbii isaan eeggachiisu; walumaagalatti, tapha kallattii addaddaatiin faayidaa isaanii qabaatu taphachaa guddatan jedha. Akka yaada kanaatti, taphni ijoollee, ijoolleen barumsa jiruufi jireenya isaanii ittiin fooyyeffatan kan ittiin argataniidha.

Zawudee (2001) tapha ijoollee yemmuu ibsu, taphni ijoollee ijoolleef faayidaalee kanneen akka bashannansiisuu, dandeettii ariitiin waan gaafataman deebisuu, miliqqee akka baratan, hiriyootaafi namoota naannoo isaanii jiran waliin akka walbaran barsiisuu keessatti qooda guddaa akka qabu ibsa. Yaada kana deeggaruun Masfin (1995) taphni ijoollee, ijoolleen aadaadhaan qulqulluudha jedhaman, dandeettii waayaaduu, dabaree eeggatanii taphachuutti yeroo akka dabarsaniifi akka ittiin bashannanan faayidaa guddaa kenna jedha. Kana jechuun, taphni ijoollee, ijoolleen aadaa hawaasaa akka baratan, dandeettii waayaadachuu uumamaan qaban akka cimsataniifi yeroo isaanii haala gaariin akka itti fayyadaman taasisa. Akkasumas, seera tapha keessatti baran addunyaa isaanii keessatti akka itti gargaaraman taasisa.

Wasaneen (2000 /2008) taphoonni ijoollee faayidaalee akka booharsuu, daandeettii dafanii waayaaduu, jabina qaamaa, hirmaannaa hawaasummaafi tooftaa waakalaquu akka baratan taasisa jechuun ibsa. Kanamalees akka Indaalem (2020); Mayring (2000) wabeeffachuun ibsetti taphoonni ijoollee ogummaawwan afaanii cimsuu keessatti akka qooda guddaa qabu dubbata. Keessattuu, manneen barnootaa keessatti taphoonni ijoolle dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ittiin barsiisuuf shoora guddaa akka qabu ibsee jira.

## 2.8 Gahee Tapha Ijoollee Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Gabbisuu Keessatti

Afoolli (taphni ijoollee) ogummaawwan dhaggeeffachuufi dubbachuu cimsuu keessatti gahee addaddaa akka qabu qorattoonniifi barreessitoonni nihimu. Akka Baddiluun (1996) barreeffama isaa keessatti ibsetti dubbachuun adeemsa dubbataafi dhaggeeffataa gidduutti raawwatamu ta’ee; dandeetti kennoo (dubbataa) dandeettii fudhannaa gonfachuufi murteessuudha jechuun addeessa. Barreessan kun yaada isaatiin afoolli dandeettii kennaa (dubbachuu) dandeettii fudhataa (dhaggeeffachuu) keessatti yeroo afoolichi himamu garmalee waan namatti toluuf namni dhaggeeffatu si’aayinna cimaan waan hordofuuf kan dubbatus, jeequmsa malee bifa tasgabbii qabuun dubbii isaa dhaggeeffattoota isaa biraan kan gahu ta’uu ibsa.

Gama biraatiin Lindon.J.(2001) faayidaa afoollii dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu keessatti qabu yoo ibsu, sababa afoolli afaaniin darbuufi gochaawwan garagaraa waan ibsuuf, qalbii dhaggeeffattootaa hatuun waan dhagayan sana yeroo dheeraaf osoo hindagatin sammuutti qabachuun deebisanii dubbachuuf afoolli gahee olaanaa qaba jedha.

Walumaagalatti taphni ijoollee afoola jiran keessa tokko ta’ee dandeettiiwwan afaanii lameen duraa gabbisuu keessatti shoora guddaa kan taphatu ta’uu isaa yaada asii olitti caqafamerraa hubachuun danda’ameera.

## 2.9 Yaadiddama Qorannichaa

Yaadiddamni adeemsa gosa qorannoo keessatti kallattiifi xurree qorannoo namatti agarsiisuuf, malleen qorannoo filachuuf, yaada addaddaa walbira qabanii ilaaluudhaaf, qeequudhaaf, akkasumas sakatta’a barruu walfakkii, ka’umsa qorannoofi kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan gahuu keessatti gahee olaanaa akka qabu Fileen (2019) ibsee jira.

Qorannoon afoolaa kan jalqabame walakkaa jaarraa 20ffaatti dirree qorannoo beektota xiinsanyiitiin too’atamee waan tureef yaadiddamoota qorannoo afoolaaf oolan dabalatee

yaadiddamoonni baay’een isaanii gosoota dirree kana jalatti hammatamanii turan. Dorson (1963) akka ibsutti, yammuu ogeessonni xiinsanyii aadaa hawaasa barnoota hinqabnerratti qorannoo gaggeessan, hambaalee bifa dubbii faaruutiin jiran irratti hubannoo qaban gaafilee yaadiddama tajaajilaafi sonoota afoola keessatti hammatan irraa kan maddaniidha. Isaan keessaas yaadiddamoonni mataduree qorannoo kana waliin deeman akka armaan gadiitti eeramanii jiru.

### 2.9.1 Yaadiddama Tajaajilummaa

Yadiddamni kun kan bu’uure nama William Bascom jedhamuun yoo ta’u, yaadiddamni taajajila qorannoo fookloorii keessaa tokko ta’ee faayidaa fooklooriin hawaasaaf qabu irratti hundaa’uun kan qoratuudha. Akka Dorson (1972); Franz Boas wabeeffachuun addeessetti yaadiddamni tajaajilaa fooklooriin ummata tokko akkamitti akka tajaajilu kan ibsu ta’uu isaati.

Qorataan qorannoo kanaaf yaaxxinoota hayyoota garagaraatiin lafa kaa’aman keessaa yaaxxinna tajaajilaatti fayyadamuun qorannoon kun gaggeeffameera. Sababni yaaxxinni kun filatameef, yaaxinni kun fookloorii hawaasa tokkoo qorachuun aadaa, haala jireenya hawaasa sanaa, sadarkaa qaroomina isaanii beekuufi kan gargaaru waan ta’eefidha. Yaada kana Ben Amos (1995), “ The functional approach to the catagorization of oral literature actually as focused up on the relationships between forms of verbal art and existing cultural and social need” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti yaaxinni tajaajillummaa, walitti dhufeenya hawaasaafi fedhii hawaasummaa gidduu kan qoratuudha. Qorannoo kana keessatti gaheewwan taphoonni ijoollee dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu keessatti qaban, taphoonni jechaan raawwataman kunneen dhaggeeffachuufi dubbachuu akkamitti akka dagaagsanfi taphoonni kunneen kam fa’a akka ta’an hawaasni akkamitti akka itti fayyadamu kan ilaallatuudha.

### 2.9.2 Yaadiddama Galuumsaa

Qorannoo kana yaaxxina galumsaatiin ilaaluunis barbaachisaadha. Sabaabni isaatis taphoonni ijoollee galumsa addaddaa keessatti waan dhiyaataniif yaaxxina kanatti fayyadamuun barbaachisaadha. Akka Fileen (2019); Dorson (1972) wabeeffachuun ibsetti, yaadiddamni galumsaa gareen afoolaa tokko gahee inni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti haala galumsaafi itti fayyadama isaa keessatti hiikaafi ergaa inni qabu qorachuuf kan nama gargaaruudha. Yaaduma kana Dorson (1972) mataanisaa yoo cimsu, yaadiddamni galumsaa haala dubbii, amala, haala waliigalaa, akkaataa itti ibsamu qorachuuf gahee qaba jedha.


# 3. XIINMALA QORANNICHAA

Kutaa kana jalatti ibsa naannoo qorannichaatti aanee malleen qorannoo kanaan walqabatan kanneen akka saxaxa qorannichaa, madden ragaalee qorannichaa, mala iddattoofi malleen iddatteessuu qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee qorannichaa tartiibaan dhiyaataniiru. Dhumarrattis tooftaaleen qaaccessa ragaaleefi naamusni qorannichaa ibsamaniiru.

## 3.1. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu qaroomina (falaasama) ummata Oromoo Arsiiti. Ummanni Oromoo Arsii dameewwan hidda latiinsa Oromoo keessaa Baareentuu jalatti ramadama. Arsiin ammoo, dameewwan gurguddoo *lama* qaba. Isaanis: Sikkoofi Mando (Abbas Haji, 1982).

Dabalataanis, hawaasni Oromoo Arsii bal'ina teessuma lafaatiin Oromoota birootiin walbira qabamee yoo ilaalamu lafa bal'aafi dirree diriiraa irra qubatee jiraata. Hayyuun kun yaada kana dabalataan yoo cimsu, "Bal'inni lafa teessuma hawaasa kanaa gara Kaabaatiin Oromoota Tuulamaafi Jiilleen, gara Kibbaatiin hawaasa Oromoo Booranaafi damee Kuush kan ta'e ummata Sidaamaatiin, gara Kaaba-bahaatiin ummata Somaaleetiin; akkasumas, gara Dhihaatiin ammoo, ummattoota Sabaafi sablammoota Kibbaa kanneen akka Alaabaa, Geede'oofi Silxee fa'aan daangeeffama" jedha.




*Danaa1. Kaartaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa (waajjira Aadaafi Tur. ATJk)*

Odeeffannoo Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa irraa argameen, argamni aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa gara Kaabaatiin Aanaa Dugdaatiin, gara Kibbaatiin Aanaa Nageellee Arsiitiin, gara Bahaatiin Aanaa Zuwaay-dugdaatiin, gara Dhihaatiin ammoo, ummattoota sabaafi sablammoota naannoo Kibbaa aanaalee akka Daalochaa, Laanfuroofi Maaraqootiin kan daangeeffamtu yoo ta’u, aanaan kun gandoota qoonnaan bulaa 47fi bulchiinsa Magaalaa 4 of keessatti qabattee argamti. Aanaan Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa bal’ina waliigala lafa aanichaa hektaara 142, 295.32 ta’u irratti diriirtee kan argamtu yoo ta’u, argama sirrii sarara-dalgeefi gadeetiin ammoo, fageenya mudhii lafaa (sarara keekiroos) irraa digirii $7^{0}$45’0’-$8^{0}$0’0’ jiddutti gara Kaabaafi sarara gadeetiin (sarara keentiroos) irraa ammoo, digirii $38^{0}$30’0’-$38^{0}$45’0’ jiddutti gara Bahaatti argamti.

Akka Ragaan Waajjira Maallaqaafi Misooma Diinagdee, Waajjira Aadaafi Turiiziimii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa irraa argame ibsutti, laakkofsa manaafi ummataa bara 1999 adeemsifametti baay’inni ummata Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa 17, 492+71, 986 = 249, 478 kana keessaa dhiirri 133, 800; dubartiin 115, 678 akkaataa baay’inna sabaan yoo ilaallaman ammoo, Oromoon dhibeentaa 96%fi isaa ol yoo ta’u, kanneen hafan ammoo Saba Amaaraafi sabaafi sablammoota biroo biyyattii dabalateeti jechuudha.

Aanaan Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa qabeenya uumamaafi iddoo hawata tuuriizimiitiin daran badhaatuudha. Isaan keessaa muraasa yoo ilaalle: teessuma lafaa, laggeen, haroowwan, biqiloota uumamaa addaddaa, bineensota, haala qilleensaafi iddoo hawattoota tuuriizimiifi w.k.f.dha. Teessumni lafa aanichaa harki caalu lafa yookiin dirree diriiraa bal’aadha. Haata’umalee, bakka tokko-tokkotti tabboota, tulluuwwaniifi lafti gadi dhooqaas nijira.

Fakkeenyaaf, Aaluto gaara guddaa kan olka'iinsi isaa 4, 332$m^2$ sirrii galaanaa irraa olka'ee jiru yoo ta'u, gaarreen aanaa Adaami Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti argaman biroo ammoo, Cabbii, Tulluu Hadaamii, Qancaraa, Guutumumaafi Warjaa fa'a.

Aanaa kanatti laggeeniifi haroowwan argaman fudhannee yoo ilaalle, laga Bulbulaa (kan maddi isaa laga Kataar Aanaa Zuwaay Dugdaa irraa ta'e, Haroo Danbal qaxxaamuree Haroo Abijaataatti jigu; tajaajila jallisiitiif oolu), laga Jiddoo (naannoo olka'aa ummattoota Kibbaa aanaa Daalochaa irraa ka'uun Haroo Abijaataafi Shaallaatti galu) fa'atu argamu.

Hora-qalloo (haroo Laangannoo irraa madduun Haroo Abijaataatti kan yaa'u), Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaafi Aanaa Nageellee Arsii yookiin ammoo Godina Arsii Lixaafi Shawaa Bahaa, akka daangaa addaan baha aanooleefi godinoota lamaaniittis nitajaajila. Haroowwan Danbal, Abijaataafi Laangannoo aanaa kanatti argamaniifi marsan akkaataa gadifageenya isaanii xiqqaa irraa guddaatiin yoo ilaalle, Haroon Danbal gadiliixxina 4m, Abijaataan 24mfi Laangannoo ammoo 46m kan qabaniidha.

Gama bal'inna dirree isaan irra ciisaniitiin yoo ilaalle ammoo, haroon Danbal bal'inna 434$km^2$n, haroowwan godina Shawaa Bahaa keessatti argaman hunda caala. Laangannoofi Abijaataanis akkaatama duraaduuba isaaniitiin 230$km^2$fi 205$km^2$ bal'atu (Maddi odeeffannoo waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa ragaa bara 2007, Bantiin (2018/2010) qorannoo isaa keessatti eeredha). Haalli qilleensaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa harki caalaan gammoojjummaa kan danatu yoo ta'u, iddoon muraasni qilleensa badda-daree qabanis nijiru. Haalli oo'a isaa jiddu-galeessaan oo'i baramaan 15$^o$-200$^o$tti jiddutti argama. Akkasumallee, roobni waggaa jiddu-galeessaan 800ml ta'a. Haalli qilleensa oo'aa aanichaa kun hanqinna rooba gannaatiin walqabatee sochiilee qonnaafi horsiisa loonii irrattis dhiibbaa fida. Aanichi waan qilleensa baramaa oo'aan uwwifamuuf ummanni aanichaa irra jireessi qonna jallisiifi horsiisa looniitiin sochii cimaa taasisa. Bishaan lafa keessaa harki irra caalaan sooqidda baayyata waan ta'eef, bishaan lafa jalaa dhugaatiifi jallisiif guddisee mijataa miti. Sababoota kanaafi kanneen fakkaataniif aanichi wabii midhaan nyaataatiin kan of hindandeenne ta'uun aanota godinichaa keessaa karoora wabii midhaan nyaataa jalatti hammatameera.

Akka Bantiin (2018/2010) odeeffannoo Waajjira Misooma Qonnaa aanichaa irraa hubachuun qorannoo isaa keessatti ibsetti hundeen diinagdee uummata kanaa qonna bifa aadaan qotamu yoo ta'u haalli qonna jallisiillee yeroo dhiyoo keessa eegalee jira. Qonni jallisii, aadaafi hammayyaa yoo walbira qabamee ilaallamu, adeemsi jallisii aadaatiin qonnaan bultootaan waan gaggeeffamuuf bu'aan quubsaan kan hinargamne ta'utu himama. Qonna aadaatiin heektara tokko irraa hanga kuntaala jahaatamaa qofa yoo ta'u, kan ammayyaatiin ammoo heektaara tokko irraa hanga kuntaala dhibbaatti oomishamuu danda'a. Oomishni gurguddoon qonna jallisii kanarraa bifa garaagaraatiin argaman: Timaatimaa, shunkurtaa diimaa, kurumbaa (raafuu maramaa), mixaaxisaafi darbee darbee Boqqolloo fa'a. Oomisha argatan kanneenis gabayatti dhiyeessuun gurgurachuun gara maallaqaatti jijjirachuun waan hajaman irra oolfatu.

Akkuma hawaasa Oromoo kanneen birootti ummanni Oromoo Arsii fiixaan Sikkoo-Mandoofi gosti Utaa-waayyuus gosaafi miseensa garaagara kan manaa-maatii irraa kaasee hanga gosaatti diriire qaba. Kunis, gosa tokko jechuun tariitii akka aadaafi duudhaa hawaasa Arsii Utaa-waayyuutti damee akaakileefi abaabilee tokko irraa walhoraa babal'achaa dhufe.
Tokkoon tokkoo gosa Arsii Utaa-waayyuu keessa qacceefi balbala xixiqqaa mataa ofii danda'etu jira. Kan qaccee balballi isaa kun akaakileefi abaabilee tokko irraa maddee adeemsa yeroo dheeraa keessa gosa miseensa bal'aa ta'e qabu kun hidda tokkicha jedhameeti fudhatama. Kanaaf, hawaasa Arsii Utaa-waayyuu kana keessatti fuudhaafi heeruma jechuun waan guddaa jiruufi jireenya dhala namaati. Adeemsa isaa keessatti walitti dhufeenyiifi walitti hidhamuun, akkasumas, ittigaafatamummaafi fudhatamummaan guddaan hawaasa keessatti kan itti kennamu umrii fuudhaafi heerumaa kana keessatti waan ta'eefi. Sababni isaas, qeerrichi fuudhe tokkoofi qeerrittiin heerumte takka sadarkaa umrii bilchinnaa tokko irra ga'an jedhamee waan amanamuufi.

Akka aadaa Oromoo Arsii Utaa-waayyuutti gosa fuudhaafi heerumaa gara sagaliitti (9) dhiyaatutu jira. Isaanis: Hawii, aseennaa, addabaana, manbeetoo, dhaala, buttaa, walgara, baaltokkee (Gabbaraa)fi matadiba Bantii, (2018/2010).

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Qorataan qorannoo kana gaggeessuuf xiinmala akkamtaa keessaa saxaxa sanyaabsaa fayyadamuun ragaalee funaanachuun xiinxaleera. Sababni xiinmalli kun filatameefis, ragaalee odeefkennitootarraa bifa daawwaii hirmaachisaatiin, marii garee xiyyeeffannaafi af-gaafiin argame hunda isaa ibsa gadifagoofi addeessa bal'aa fayyadamuun laakkofsaan osoo hintaane jechootan ibsuun waan xiinxalamaniifidha.

Waa'ee xiinmala akkamtaa ilaalchisee (Zoltan, 2007) yoo ibsu, qorannoo akkamtaa keessatti ragaaleen bifa al-lakkoofsaan kan funaanamaniifi yeroo xiinxalamanis jechoota fayyadamuun ibsamuufi hiikamuu kan raawwataman ta'uu dubbata. Haaluma yaada kana deeggaruun mala qorannoo akkamtaa ilaalchisee Adunyaan (2011) yoo ibsu, qorannoon akkamtaa, gaaffii maaliif? Akkamitti? jedhan ibsuuf carraaqa''jedha.

Akka kanaan qorataan qorannoo kana keessaatti ragaalee funaanuurraa kaasee hanga qaacceessa ragaalee mala akkamtaa fayyadamuun jechootan ragaalee argaman ibsaafi addeessa baldhaan dhiheesseera.

## 3.3. Madda Ragaalee

Qorataan ijoollee, barsiisota, haawwotaafi manguddoota dhiiraa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa akka madda ragaa tokkoffatti qorannoo kanaaf fayyadameera. Sababni isaatis, burqaan qorannoo kanaa kan odeeffannoofi ragaan qabatamaa irraa argame ijoolleefi hawaasa aanaa kanaa waan ta'eefiidha.

## 3.4. Iddattoofi Malleen Iddatteessuu

Qorannoon kun kan adeemsifame ijoollee, barsiisota, haawwotaafi manguddoota dhiiraa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa irrattiidha. Haata'u malee, sababa namoota aanaa kanaa hundarraa ragaa guuruun rakkisaa ta'uufi akkasumas baasiifi humna qusachuuf bakka bu'oota hirmaattotaa fudhachuun dirqama ta'a. Akka Dastaan (2013) ibsetti. iddattoo filachuun adeemsa hirmaattota qorannoo tokkoo keessaa ragaalee argachuudhaaf namoota ykn qaamota hirmaattota sana bakka bu'an fudhatanii ragaalee irraa guurachuu akka ta'e ibsa. Akka kanaan qorataan qorannoo kana keessatti mala iddatteessuu miti-carraatti fayyadameera. Mala kana ilaalchisee Seefuun (2016); Jane (2003) wabeeffachuun yoo ibsu malli iddatteessuu miti-carraa qoratichaan ittiyaadamee qaama qorannoon irratti geggeeffamu sana keessaa kan filatamu akka ta'e ibsa. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti qorataan namoota

daangaa qorannichaa keessa jiran keessaa kanneen taphoota ijoolleerratti muuxannoofi beekumsa yabbaa qaban gareewwan hawaasaa keessaa barsiisota, manguddootaafi ijoollee Oromoo aanaa kanaa itti yaadee mala kanaan filateera.

Kanaafuu gosa iddattoo mitcarraafi mala iddatteessuu jiran keessaa iddatteessuu dhimmataafi darbaadabarsaatti fayyadame jira. Sababni iddatteessuun dhimmataafi darbaadabarsaan filatamaniif qorataan ragaa quubsaa qaama naaf laachuu danda'an jedhu argachuu kan danda'e iddatteessuu kanneenitti fayyadameeti. Kunis, gareewwan hawaasaa aanaa kana keessa jiraatan keessaa: Manguddootaa, barsiisotafi ijoollee hawaasa aanichaa keessaa muuxannoo, beekumsaafi dandeettii isaanii irratti hundaa'uun ragaa quubsaa waa'ee taphoota ijoollee irraa argachuu waan danda'eefiidha. Haaluma yaada kana deeggaruun Fileen (2019) iddattoon dhimmataa kallattii mataduree filatameen nama ragaa sirritti kennuu danda'u ykn dhimmi mataduree ofii wajjiin deemurratti beekumsaafi muuxannoo qaban kan itti yaadanii filataniidha jechuun ibsee jira. Dabalataanis, gosoota iddatteessuu mitcarraa keessaa tooftaan darbaadabarsaadhaan ragaalee walitti qabachuuf nama waa'ee mataduree qorannoo tokkoo beeku irraa ka'uudhaan hanga nama biraa kan ragaa quubsaa dhimmicha beeku iyyaafachuun kan bira ga'amuudha Filee (2019).
Akka kanaan namoota beekumsaafi muuxannoo gahaa qaban kan hawaasa naannoo keessatti taphoota ijoollee nibeeku jedhamee itti'amaname akkasumas dhimma qoratame irratti ragaalee quubsaa ta'e nikennu jedhee qorataan waan itti amaneef mala dhimmataafi darbaadabarsaatti fayyadamuun filatamaniiru. Bu'uuruma kanaan gandoota baadiyyaa aanaa kanaa keessaa kanneen akka Arbaa, Dastaa-abjaataa, Urgoo-Macafarraa, kan filataman yoo ta'u, ganda magaalaa keessaa immoo ganda Bulbulaa dabalatee waliigala gandoonni afurii filatamuun ragaaleen funaanameera.
Akka kanaan ganda Arbaa keessaa ijoollee afurii, jaarsota sadiifi haawwota sadii, ganda Urgoo-Macafarraa keessaa jarsolii sadiifi haawwota sadii, ganda Bulbulaa keessaa barsiisota lamaafi jaarsolii lama, ganda Dastaa Abjaataa keessaa ijoollee kudhanirra ragaaleen fudhatameera.
Walumaagatti namoota bayyinni isaanii 30 ta'an irraa ragaaleen walitti qabamaniiru.

## 3.5. Meeshalee Funaansa Ragaalee Qorannichaa

Qorataan qorannoo kana yemmuu gaggeessu, meeshaalee ragaalee ittiin walittiqabamu keessaa afgaaffii, daawwii hirmaachisaafi marii garee xiyyeeffataa fayyadameera. Sababni meeshaaleen

kunneen filatamaniif kaayyoo qorannoo irratti hundaa'uun iddattoowwan irraa ragaa quubsaa qoratichi ni'argadha jedhee waan itti amaneefiidha.

### 3.5.1. Afgaaffii

Dastaan (2013) akka ibsetti, ragaaleen afgaafiidhaan walitti qabaman wanti sirrii taasisu keessaa qorataan gaafilee isaa sirritti ifa godhee ragaa kennitoota kallattiin argatu waan gaafachuu danda'uufiidha jechuun ibsee jira. Kanamalees, ragaalee daawwiifi marii garee xiyyeeffataatiin walitti qabame mirkaneeffachuu yookiin gaafiiwwan hindeebine deebisuuf gargaara.

Akka kanaan qorannoo kana keessattis afgaaffiin gaaffilee bu'uuraa irratti hundaayuun qophaayan 10n ijoolleefi manguddoota gandoota keessaa filatamaniif dhiyaateera. Ganda Bulbulaatti namoota afuriifi ganda Dastaa-Abjaataatti immoo ijoollee afurii irraa ragaalee fudhatameera hubannoon gahaan argameera.

### 3.5.2 Daawwannaa Hirmaachisaa

Meeshaalee funaansa ragaalee keessaa sababa daawwannaan hirmaachisaan filatameef ragaa gahaa ta'e qaamaan argamuun yeroo ijoolleen taphoota addaddaa taphatan ijaan ilaaluufi gurraan dhagahuudhaan waliin taphachuun odeeffannoo walitti qabachuuf waan toluufiidha. Kana malees, yeroo ijoolleen taphattu waraabuudhaan irra deddeebi'anii ilaaluuf carraa waan namaa kennuuf malli kun akkaan filatamaadha. Yaada kana Fileen (2019) yoo ibsu, "Daawwannaan qorannoo aadaa keessatti meeshaalee odeeffannoo ittiin walitti qabataniin keessaa daran filatamaadha'' jedha.

Haala kanaan daawwii hirmaachisaan ganda Arbaafi ganda Dastaa-Abjaata keessatti ijoolleen yoomessa uumamaa keessatti taphattu daawwachuun danda'ameera. Daawwannaa kanaanis gaheewwan taphoota ijoollee jechaan raawwataman dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu keessatti qaban, taphoonni ijoollee jechaan raawwataman akkamiin akka dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsaniifi taphoonni ijoollee jechaan taphataman kan dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu keessatti gahee qaban muraasinni kam fa'a akka ta'an taphoota daawwatamanirraa hubachuun danda'ameera.

### 3.5.3 Marii Garee Xiyyeeffannaa

Meeshaan biraa ragaalee walitti qabachuuf qorannoo kana keessatti dhimma bahame marii garee xiyyeeffannaati. Sababni malli kun filatameef, namoota taphoota ijoollee irratti muuxannoofi

beekumsa guddaa qaban irraa qaamaan dhiyaachuun taphoota ijoollee yeroo ijoollumaa isaaniitti taphachaa turan irratti marii namoota muraasa waliin taasifameedha. Sababni lammeessoon malli kun filatameef immoo ijoollee qofarraa daawwiifi afgaafiidhaan taphoota xabboo ta’an argachuun rakkisaa waan ta’uuf marii garee xiyyeeffannaatiin manguddootarraa taphoota yeroo ijoollummaa isaanii taphachaa turan waljala qabuun walyaadachiisaa yeroo isaan marii gaggeessan qorataan taphoota isaan yaadachuun akkanatti taphachaa turre jedhan sana waraabachuufi barreeffachuudhaan odeeffannoo qabatamaa argateera. Haala kanaan ganda araba keessaa namoota jaha, ganda Urgoo-Macaffarraa keessaa namoonni jaharraa ragaan kan funaanname yoo ta’u, marii kanaafis gaaffileen addaaddaa 10 kan kaayyoo qorannichaa deebisuu danda’an jedhamee yaaddamu dhihaachuun bu’aan quubsaan irraa argameera.

## 3.6 Tooftaalee Qaaccessa Ragaalee

Akka Adunyaan (2011) ibsetti ‘’ Qaaccessi odeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheeffachuun irra deebi’anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan tokko hordofuu qabu keessaa isa muraasa’’ jedha.  Akkasumas yaaduma kana dabalataan yoo ibsu qaaccessi ragaalee dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta’eefi maaltu akka ta’aa jiru addaan baasuun qaaccessuu akka ta’e ibsa.

Akka kanaan Adeemsa qorannoo kanaa keessatti ragaaleen argaman akka ragaatti qindeessuun dura sirrummaafi qulqullin isaanii mirkaneeffameera. Itti aansuun qorataan ragaalee afgaaffii, marii garee xiyyeeffataafi daawwannaa hirmaachisaatiin walitti qabate mala qorannoo akkamtaa yookiin al-lakkoofsaa fayyadamuun jechaan ibsa itti kennaa qaaccesseera. Haaluma kanaan, ragaaleen maloota adda addaatiin funaanaman akkaataa walfakeenya isaaniitiifi akkaataa gaaffilee qorannichaa deebisuu danda’aniin bakka adda addaatti qoqqooduun qaacceffamaniiru.

## 3.7 Naamusa Qorannichaa

Milkaa’ina qorannoo tokkootiif naamusinni qaratаan qabaachuu qabu haalaan barbaachisaadha. Yoo naamusa gaarii qabaatan waan barbaadan qaama irraa argachuu qabanirraa argachuun danda’ama. Dursaa qorataan osoo ragaalee iddattoowwan filatamanirraa fudhachuu hin jalqabin qabxiilee kanneen raawwachuu danda’eera. Qabxiileen kunis: Meeshaalee adda addaa kan ragaalee ittiin qabatamu qopheeffachuu, hawaasaafi qaama seeraa bakka ragaalee irraa fudhatamuu dursee heeyyama gaafachuun eerga raawwatameen booda gara ragaalee

funaannachuutti seename. Qorataan yeroo ragaa guurratu safuu hawaasaa, aadaa, amantaa, duudhaa, wanta hawaasinni eeyyamuufi hineeyyaminne bifa kabajuun sochii taasisee jira. Kana malees ijoolleefi hawaasa ragaalee irraa fudhatame ofitti dhiheessuun waliintaphachuun, waliinqoosuun jaalalaafi kabaja guddaa isaaniif qabu itti agarsuun ragaa quubsaan argamuu danda’eera.

# 4. DHIYEESSAA FI QAACCESSA RAGAALEE

Kutaa kana keessatti ragaalee funaannaman dhiyeessuu, ibsuufi xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Akka kanaan xiinxalli ragaalee kunis walduraa duuba gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanaa sadan kan giddugaleeffateedha. Qabiyyee xiinxalichaa keessaa inni jalqabaa kaayyoo gooroo qorannoo kanaa kan ta'e gaheewwan taphoonni ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban maal maal akka ta'an kan xiinxalaman yoo ta'u; kan lammaffaa immoo akkataa taphoonni ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu itti gabbisan kan ibsamaniifi dhumarrattis haalli itti fayyadama taphoota ijoollee aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa yeroo ammaa maal akka fakkaatu ibsuun qaacceffamaniiru.

Walumaagalatti gaaffilee qorannoo kanaa deebisuudhaaf taphoota ijoollee jechaan raawwataman kanneen meeshaalee funaansa ragaalee daawwii hirmaachisaa, marii garee xiyyeeffataafi afgaaffiidhan ijoollee, barsiisotaa, manguddootaafi haawwota irraa walitti qabaman akka itti aanu kanaan mala akkamtaa fayyadamuun qaacceffamanii jiru.

## 4.1. Gaheewwan Taphoonni ijoollee Dhaggeeffachuufi Dubbachuu gabbisuu Keessatti Qaban

Taphoonni ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti gaheewwan addaddaa kan qaban ta'uu isaanii ragaaleen daawwii hirmaachiisaa, marii garee xiyyeeffataafi afgaafiidhan walitti qabamanirraa hubachuun danda'ameera.

Akka daawwii hirmaachisaa ganda Arbaa fi Dastaa Abjaataatti Onkololeessa 04,2016 fi Onkololeessa 22, 2016 yoomessa uumamaatiin ijoolleen taphatan daawwatameefi marii garee xiyyeeffataa manguddootaafi haawwota waliin ganda Arbaatti taasifamerraa akka hubatametti gaheewwan taphoota ijoollee kanneen jechaan raawwataman dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban hedduu akka ta'an hubatameera. Keessattu marii garee xiyyeeffataa Obbo Quufaa Bantii, Aadde Faaxumaa Baaboofi kanneen biroo waliin godhameen gaheewwan taphoota ijoollee daandeettiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti shoora qaban kanneen akka gahee jechoota haaraa barsiisuu, gahee waliin dubbii barsiisuu, gahee naamusaan dhaggeeffachuufi dubbachuu barsiisuu, gahee sodaa malee dubbachuu barsiisuu, gahee ariitiin dhaggeeffachuufi dubbachuu, gahee yaada ofii baldhinaan ibsachuu, gahee si'aayinnaa dhaggeeffachuufi dubbachuu akka ta'an ibsaniiru. Dabalataanis

afgaaffii barsiisaa Diimaa Abbabaafi Bashaa Waatichaa waliin Onkololeessa 28, 2016 ganda Bulbulaatti taasifameen gaheewwan taphoota ijoollee dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsan kan akka gahee sababeessuun dubbachuu barsiisuufi gahee jechoota sagaleessuu barsiisuu fa'a ta'uu gaheewan dura ka'anis itti dabaluun kaasaniiru. Gaheewwan taphoonni ijoollee jechaan raawwataman dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban odeefkennitootaan eeraman akka itti aanutti tokko tokkoon hiikaafi ibsi itti kennamee jira.

Gama biraatiin taphoonni ijoollee ijoolleedhaaf faayidaa addaddaa akka qaban Marying (2000) ibsee jira. Akka yaada nama kanaatti ijoolleen taphoota taphatanirraa faayidaa dandeettiiwwan afaanii cimsaachuu isaan dandeesisu akka gonfachuu danda'an ibsa. Dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu kan danda'u shaakala ijoolleen adeemsa jiruufi jireenya isaanii keessatti taphoota fayyadamuun argamu akka ta'e ibsee jira.

### 4.1.1 Jechoota Haaraa Barsiisuu

Akka ragaan marii garee xiyyeeffataafi afgaaffii irraa argame ibsutti taphoonni ijoollee kanneen jechaan raawwataman ijoollee jechoota haaraa barsiisuu keessatti shoora akka qaban dubbatu. Ijoolleen jechoota haaraa taphoota keessaa dhagahan kanatti fayyadamuun dandeettii dubbachuu isaanii ittiin cimsachuu danda'u. Keessattuu ijoolleen hariiroo namoota biroo wajjiin yoo uummatan jechoota taphoota addaddaa irraa dhagahanitti fayyadamuun namoota kanneen waliin haasawa taasisuudhaan dandeettii dubbachuu isaanii cimsachaa deemu. Akka Delf Maria (1993) ibsutti taphoonni ijoollee kanneen jechaan raawwataman akka jiraniifi taphoonni kunneens ijoollee jechootafi yaadota addaddaa akka barsiisuu danda'an dubbata. Yaaduma kana caalmaatti hubachuuf tapha ijoollee jechaan taphatamu keessaa tapha harree macareeboo jedhu kana yaa ilaalluu.

Fakkeenya.1

*Quufaa: Harree Macareebo*

*Quuftuu: Waalamaa sadii*

*Quufaa: Maal isii?*

*Quuftuu: Mataa isii!*

*Quufaa: Maal isii?*

*Quuftuu: Gurra isii!*

*Quufaa: Maal isii?*

*Quuftuu: morma isii!*

*Quufaa: Maal isii?*
*Quuftuu: ija isii!*
*Quufaa: Maal isii?*
*Quuftuu: Funyaan isii!*
*Quufaa: Maal isii?*
*Quuftuu: luka isii!*
*Quufaa: Maal isii?*
*Quuftuu: Tafa isii!*
*Quufaa: Maal nyaatta?*
*Quuftuu: Marqa carree!*

(Madda: Marii gareefi Daawwii, Dabalee D)

Fakkeenya 1ffaa irraa kan hubatamu yeroo Quufaafi Quuftuun tapha harree macareeboo jedhu kana waliin taphatan qaamolee harree jalqabarraa ka'uudhaan hanga dhumaa yoo waaman maqaalee qaama harree irratti argamu barataa deemu. Akkasumas tapha kana keessatti taphataan tokko 'Harree macareeboo' jedhee yoo jalqabu kan jalaa qabu immoo 'waalamaa sadii' jedha. Kun immoo ijoollee jalqaba dhaggeeffatte waan dhageetteefi deebii akka kennitu shaakalchiisa. Haala Kanaan ijoollee dabaree dabareedhaan yoo taphatan jechoota addaddaa qamoolee harree keessaafi gubbaa jiru walbarsiisu; kun immoo ijoolleen yoo dubbatan hanqinni jechoota akka isaan hin mudanne taasisa. Akka fakkeenya irratti taa'etti ijoolleen yeroo tapha kana taphatan qaamolee harree kan akka mataa, gurraa, ijaa, funyaan, morma, eegee, lukaafi tafaa jechoota jedhan irraa barachuun dubbii keessatti itti fayyadamu jechuudha.

Fakkeenya 2.

*Galgaluu: Gama keenna roobe; Gama keessan roobee?*

*Galgalee: Ee, roobe.*

*Galgaluu: Maal roobe?*

*Galgalee: Maddaa-marga.*

*Galgaluu: Maaltu dheeda?*

*Galgalee: Sa'a haadha Waaqooti.*

*Galgaluu: Haati Waaqoo deettee?*

*Galgalee: Ee, deette.*

*Galgaluu: Maal deette?*

*Galgalee: Ilmaa-intala.*

*Galgaluu: Kam guddisanii, kam luqqisan?*

*Galgalee: lachuu guddisanii, falfala luqqisan*

(Madda: Marii garee xiyyeeffataafi Daawwii, Dabalee D)

Fakkeenya 2ffaa kana keessatti ijoolleen jechoota hedduu kan ittiin dubbachuuf isaan gargaaru kan irraa barataniidha. Jechoonni tapha gama keenna roobee gama keessan roobee jedhu kana keessatti argaman dandeetti dubbachuu ijoolleetiif gahee guddaa akka qaban irraa hubachuun nidanda'ama. Jechoon haaraan ijoolleen tapha kana yoo taphatan irraa argachuu danda'an kanneen akka gama, maddaa-marga, dheeda, deette, ilmaa-intala, guddisuu, luqqisuufi falfalaa jedhan akka fakkeenyaatti kan dhihaataniidha.

Walumaagalatti taphoonni ijoollee fakkeenya irratti ibsamaniifi kan biraas ijoolleen jechoota haaraa addaddaa kanaan dura hindhageenye irraa barachuu akka danda'an hubatameera. Jechoon haaraan ijoolleen taphoota jechaan raawwatamanirra baratan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti gahee olaanaa akka qaban yaada ka'erraa hubatameera.

### 4.1.2 Waliin Dubbii Barsiisuu

Taphoonni ijoollee jechaan raawwataman ijoollee waliin dubbii barsiisuu keessatti gahee akka qaban afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataatiin hubachuun danda'ameera. Ijoolleen taphoota jechaan raawwatamanirraa akkataa haasawa nama lama giddutti taasifama itti adeemsifamu irraa barachaa deemu. Inni kun immoo ijoolleen dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagfachaa akka deemaniif isaan qarqaara. Akka marii garee xiyyeeffataa ganda Urgoo-Macafarraatti Onkololeessa 03, 2016 Aadde Fusee Lolee, Aadde Tasii Dhaqqabii, Obbo Murtii Tusiyyoofi kanneen biroo waliin taasifamerraa hubatametti taphoonni ijoollee jechaan taphataman kanneen

waliin dubbii barsiisuu keessatti gahee qaban kanneen akka' Binoo Bineensaa, Hibboo Hibbakka, Harree Macareeboofi Gama keenna Roobee Gama keessan Roobee' fa'a akka ta'an ibsaniiru. Marii garee xiyyeeffataa kanaan alattis daawwii hirmaachisaa gandoota akka Arbaafi Dastaa-Abjaataatti gaggeeffameen yeroo ijoolleen taphoota olitti eeraman kanneen taphatan waliin dubbiin kan keessatti muldhate ta'uu hubatameera.

Akka dabalee E irratti kaayameti taphoonni ijoollee jechaan raawwataman kanneen waliin dubbii barsiisuun dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisan akka asii gadii Kanaan fakkeenyaaf dhihaataniiru.

Fakkeenya 3.

*Saafayee: Binoo bineensa.*

*Saafayoo: Bineensa.*

*Saafayee: Maal fa'a?*
*Saafayoo: Arba.*
*Saafayee: Maal fa'a?*
*Saafayoo: Leenca.*
*Saafayee: Maal fa'a?*
*Saafayoo: Gafarsa.*

(Madda: Marii garee xiyyeeffataafi Daawwii Hirmaachisaa Dabalee D)

Fakkeenya 3ffaa kanarraa akka hubatamutti Saafayeefi Saafayoon yeroo waliin taphatan waliin dubbiin gaggeessaa jiraachuu isaaniitu hubatama. Saafayeen Saafayoo waamuudhaan Binoo Bineensaa yoo jettuun Saafayoon immoo Bineensa jechuun deebii kenna. Saafayeen ittifufuudhan maali fa'a jettee yoo gaafattu Saafayoon immoo bineensota bosonaa keessaa Arbarraa jalqabuun maqaa bineensota bosonaa waamuun deebii kenna. Marsaa itti aanus Saafayeen maal fa'a jettee yoo gaafattu innis bineensota biraa maqaa dhahuun deebii kenna. Akka kanaan taphinni kun waliin dubbiin gamlamummaa akkamitti akka gaggeeffama salphaadhumatti ijoolleen barachaa deemu. Haalli kun immoo dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee akka dagaagsuu danda'u hubatameera.

Dabalataanis taphoota ijoollee raawwii jechaatiin taphataman keessaa hibboo hiibbakkaan waliin dubbii barsiisuu keessatti shoora guddaa akka qabu daawwiifi afgaaffii ganda Dastaa Abjaataatti

Muddee 05, 2016 ijoollee waliin taasifamerraa hubachuun danda’ameera. Keessattuu taphni hibboo hiibbakka ijoolleen nama lama ta’uun yeroo walgaaffatan waliin dubbii gamlamummaa shaakalaa deemu. Mee yaada kana caalmaatti hubachiisuuf fakkeenya Hibboo Hibbakkaa kana yaa ilaalluu.

Fakkeenya.4

*Tulluu: Hibboo?*
*Gammannee: Hiibbakka*
*Tulluu: Hibboo jennaan hiibbakka jettee?*
*Gammannee: Ee*
*Tulluu: Akka lagaa yaa akka dhagaa taa’aa beekii naa himi?*
*Gammannee: hinsoqadha; hinqoradha;*
*Mana aayyaa seenee gaadii jiidhaa qabadha.*
*Tulluu: Haata’u! Soqadhu, qoradhu, gaadii jiidhaa qabadhu.*
(Madda: Daawwiifi Afgaaffii Dabalee D)

Qorataan fakkeenya 4[ffaa] irraatti odeeffannoo daawwii hirmaachisaan ijoollee ganda Dastaa Abjaataa irraa argate bu'uura godhachuun hibboon dandeettiiwwan afaanii dhaggeeffachuufi dubbachuu barsiisuu keessatti shoora olaanaa akka taphatu hubatee jira. Kunis, gaafatamaan hibboo gaafii gaafatame deebisuuf kan dhageeffatu yoo ta'u, gaafatamaan deebii hibboo sanaa deebisuuf jecha wantoota baay'ee maqaa waamuun dubbata. Kanaanis ijoolleen dandeettii dhageeffachuufi dubbachuu gabbifachuuf kan isaan qarqaaru waliin duubbi barachaa adeemu.

Tapha kana keessatti Gammanneefi Tulluun waliin dubbii kan taasisaa jiran ta’uu irraa hubanna. Tulluun jalqaba Gammanneen hibboo jedheen Gammanneen hiibbakka jetteen Tulluunis deebisee hibboo jennaan hibbakka jettee jedhaan ishiinis ee jettee deebisti. Itti aansuunis Tulluun akka lagaa yaa’aa, akka dhagaa taa’aa beekii naahim yoo jedhuun Gammanneenis nisoqadha niqoradha jettiin mana aayyaa seenee gaadii jiidhaa qabadha jettiin. Tulluun deebisee marroo isaa soqadhuu qoradhuu gaadii jiidhaa qabadhu jedhaan.

Akka kanaan tapha taphatamu kana keessatti ijoolleen waliin dubbii shaakalaa guddatu jechuudha. Waliin dubbiin tapha kana keessatti muldhate immoo dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta’uutu hubatama.

### 4.1.3. Naamusaan Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Barsiisuu

Taphoonni ijoollee jechaan raawwataman dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessaa gahee naamusaan waa dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee shaakalchiisan akka jiran afgaaffiifi daawwii ganda Arbaafi ganda Dastaa Abjaatti taasifameen hubachuun danda’ameera. Taphoonni naamusaan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee barsiisan keessaa muraasin: Waagodo-godoo, gabayaa galtuu tiyya, hibboofi gama keenna roobee gama keessan roobee fa’a akka ta’e hubatameera. Taphoota kanneen keessaa akka fakkeenyatti kan ittaanu kana yaa ilaalluu mee.

Fakkeenya.6

*Bariisoo: Waagodo-godoo.*

*Ijoollee: Qaanquu.*

*Bariisoo: Goda billaachaa*
*Ijoollee: Qaanquu.*
*Bariisoo: Waabee cinaachaa.*
*Ijoollee: Qaanquu.*
*Bariisoo: Dhawaa bitaachaa.*
*Ijoollee: Qaanquu.*
*Bariisoo: Kan asii dubbate bofa shame dhungate.*

(Madda: Marii garee xiyyeeffataafi Daawwii hirmaachisaa Dabalee D)

Akkuma beekkamu namin kamuu dhaggeeffachuufis ta’ee dubbachuudhaaf naamusni haalaan barbaachisaa akka ta’e beekkamaadha. Tapha ijoollee jechaan raawwataman keessaa taphinni waagodo-godoo gareedhaan kan taphatamu yoo ta’u, garee kana keessaa namin tokko ‘waagodo-godoo’ jedhee yoo jalqabu ijoolleen hafan immoo ‘qaanquu’ jechuun taphicha akka jalqaban afgaaffiifi daawwii godhamerraa hubatameera. Tapha bifa Kanaan taphatamu keessatti naamusaan dhaggeeffachuun seera taphaa keessaa isa tokko waan ta’eef wacuun, sagalee dhageesisuun, gururi’uun dhoorkamaadha. Inni kun immoo ijoolleen naamusaan waa dhaggeeffachuu akka barataniif qooda guddaa qaba. Tapha kana keessatti taphachiisaan yoo taphachiisu ijoolleen hafan immoo naamusaan waan inni dubbatu dhaggeeffachuudhaan

jalaaqabu. Adeemsi akkanaa kun immoo sirna kennaafi fudhataa kan calaqqisiisuu waan ta'eef dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gaaritti kan dagaagsu ta'uu irraa hubatama.

Akkuma waagodo-godoo taphin ijoollee hibboo hiibbakkaan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu keessatti ijoollee naamusan akka waa dhaggeeffatan barsiisuu keessatti gahee qabaachuun isaa hubatameera. Mee yaada kana caalmaatti hubachuudhaaf fakkeenya ittaanu kana yaa ilaalluu.

Fakkeenya.7

*Dureessaa: Hibboo?*
*Dureettii: Hibib.*
*Dureessaa: Hibboo jennaan hibib jettee?*
*Dureettii: Ee.*
*Dureessaa: Ana na erganii ati eessa dhaxxa?*
*Dureessaa: jamaan akka hin dubbanne buna jaalaatiin isin qabe!*
*Dureettii: Gaaddidduu.*
*Dureessaa: Beettetta*
*Dureettii: Beekaa jaari!*

(Madda: Daawwii hirmaachisaafi afgaaffii Dabalee D)

Adeemsa tapha hibboo kanarraa wanti hubatamu ijoolleen lamaan walitti hiibbifachaa jiraniin alatti jamaan bira taa'uu akka dubbachuu hin qabne yookiin Dureettiti deebii hin himneef Dureessaan dursee buna jaalaatiin isin qabe jedha. Oromoo biratti jaalli kabajaa guddaa qaba kanaaf Dureessaan jamaan taa'uu akka hin dubbanneef dursee buna jaalaatiin isin qabe jedha. Asirraa wanti ijoolleen barattu naamusan dhaggeeffachuu, bakka dubbachuu hin qabnetti callisuu, calleensaan dhaggeeffatanii yeroo dubbachuun barbaachisetti dubbachuu akka qaban baratu.

Walumaagalatti taphoonni ijoollee jechaan raawwataman asii olitti caqafaman naamusaan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee cimsuudhaan dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee akka dagaaguuf gahee olaanaa kan taphatu ta'uu isaanii hubanna.

### 4.1.4 Sodaa Malee Dubbachuu Shaakalchiisuu

Taphoonni ijoollee jechaan raawwataman sodaa malee dubbachuu ijoollee shaakalchiisuun dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti gahee olaanaa akka qaban yaada odeefkennitootarraa hubachuun danda'ameera. Ijoolleen dhaggeeffachuufis ta'ee

dubbachuudhaaf jalqaba sodaa irraa bilisa ta'uu akka qaban marii garee xiyyeeffataafi afgaaffiin gaggeeffamerraa hubatamee jira. Namoon tokko tokko yeroo walitajjii wahii irratti haasayan sodaachuurraa kan ka'e hanga afaan isaanii walhidhuu, waltajjii gubbaatti hoollachuufi kkf Sabaabaan agarsiisaniif taphoota ijoolleetiin shaakalaa waan hinguddanneef akka ta'e odeefkennitoonni ibsanii jiru.

Akka raagaalee funaannamerraa hubachuun danda'ametti taphoonni ijoollee jechaan raawwataman kanneen dhaggeeffachuufi dubbachuu keessatti gahee qaban sodaa malee dubbachuu akka danda'aniif ijoollee kan shaakalchiisan kanneen asii gadii akka ta'e dubbatu. Isaanis: Arbi karaa kana darbe maaliin darbee, Harree Macarreeboo, Oduu durii malaan duuluufi Hibboo Hiibbakkaa fa'a akka ta'e dubbatu. Yaada kana sirritti hubbachuudhaaf tapha Arbi karaa kana darbe maaliin darbe? Jedhu yaa laalluu.

Fakkeenya.8

*Gammadaa: Arbi karaa kana darbe; maaliin darbe?*

*Gammadduu: Dhagaraan!*
*Gammadaa: Mataa isaa!*
*Gammadduu: Dhagaraan!*
*Gammadaa: Mataa isaa!*
*Gammadduu: Dhagaraan!*
*Gammadaa: Mataa isaa!*
*Gammadduu: Dhagaraan!*
*Gammadaa: Mataa isaa!*
*Gammadduu: Dhagaraan!*
(Madda: Afgaaffii ijoollee Dabalee D)

Tapha Arbi karaa kana darbe maaliin darbe jedhu fakkeenya 8$^{ffaa}$n kan agarsiisu ijoolleen tapha nama lama ta'anii taphatamu kana keessatti namin biraa isaan wajjiin waan hin taphanneefi soda hirdhisuudhaan taphicha waan taphataniif asuma keessa sodaa malee dubbachaa deemuu shaakalu. Gama biraatiinis taphinni kun miira dorgommii waan ofkeessaa qabuuf ijoolleen injifachuuf jecha ariitiin waan taphataniif sodaa xiqqeessuudhaan morkii keessa seenuun xiqiin

taphatu. Haalli kun immoo ijoolleen yeroo dubbatan akka isaan hin sodaanne shaakalchiisa waan ta'eef dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu irratti akka hin rakkanne isaan qarqaara.
Dabalataanis tapha Harree Macareeboo jedhu akka asii gadii kanaan yaa ilaalluu mee,
Fakkeenya 9.

*Quufaa: Harree Macareeboo!*
*Quuftuu: Waalamaa sadii*
*Quufaa: Maal isii?*
*Quuftuu: Mataa isii!*
*Quufaa: Maal isii?*
*Quuftuu: Eela isii!*
*Quufaa: Maal isii?*
*Quuftuu: Ija isii*
*Quufaa: Maal nyaatta?*
*Quuftuu: gurra isii*

(Madda: marii garee Dabalee D)

Fakkeenya 9ffaa kana keessatti Quufaafi Quuftuun yeroo waliin taphatan miira dorgamiittu jira waan ta'eef dhimma sodaachuu yookiin saalfachuu dhiisuun xiyyeeffannoo isaanii gara morkichaa waan naannessaniif sodaa dhabamsiisaa ofitti amanamummaa immoo cimsataa deemu. Kanaaf ijoolleen taphoota akkanaa kanneen yoo taphatan sodaa ofirraa baleechaa namoota fuuldurattis dubbatuu jalqabu. Inni kun immoo dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee dagaagsuu keessatti gahee guddaa qabata.
Walumaagalatti yaada asii olitti caqafaman kanneenirra dhabbachuudhan taphoonni ijoollee jechaan taphataman sodaa malee dubbachuu ijoollee shaakalchiisuun dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee dagaagsaa kan deemu ta'uu hubatameera.

### 4.1.5 Ariitiin Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Shaakalchiisuu

Taphoonni ijoollee jechaan raawwataman gahee ariitiin yookiin dafanii dhaggeeffachuufi dubbachuu shaakalchiisuu keessatti qooda guddaa akka qaban ragaaleen odeefkennitootarraa argame ni ibsa. Ariitiin dhaggeeffachuufi dubbachuun immoo dandeettii afaanii lamaan duraa ijoollee dagaagsuudhaan sadarkaa waa dafanii hubbachuu isaanii akka cimu taasisa. Ijoolleen dafanii waa hubatan immoo dhaggeeffachuufi dubbachuu irratti rakkachuu jalaa bahaa deemu.

Akka marii garee xiyyeeffataafi afgaaffii odeefkennitoota dabalee D jala jiru irraa hubachuun danda'ametti taphoonni ijoollee raawwii jechaatiin taphataman kanneen asii gadii ariitiin dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee haalan kan shaakalchiisan ta'uu hubatameera. Taphoonni kunneenis kan akka Sololi'aa morma isii shariii, Harree macareeboo, Gama keenna roobee gama keessan roobeefi Arbi karaa kana darbe maaliin darbee fa'a akka ta'e ibsu.

Fakkeenya 10.

*Boonaa: Sololi'aa morma isii shar!*

*Boontuu: Shar!*

*Boonaa: Morma isii!*

*Boontuu: Shar!*

*Boonaa: Morma isii!*

*Boonaa: Morma kee! Boontuu: Cal jette*

(Madda: Daawwiifi afgaaffii Dabalee D)

Fakkeenya 10ffaa kanarraa kan hubachuu dandeenyu taphichi miira dorgommii ofkeessaa waan qabuuf ijoolleen wal injifachuufi jecha jechoota ariitiin jedhu. Kun immoo ijoolleen dubbachuu keessatti arraba isaanii akka qaratan, jechoota dafanii akka waaman, sammuun isaanii qophaa'ina akka qabatu gochuudhan ariitiin dubbachuu akka shaakalan taasisa. Haalli kun immoo taphoonni ijoolleen dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu keessatti gahee kan qabu ta'uu muldhisa.

Dabalataanis akkuma tapha Sololi'aa morma isii sharii taphoota ijoollee jechaan taphataman keessaa Harree Macareebootis gahee ariitiin dhaggeeffachuufi dubbachuu shaakalchiisuu keessatti shoora guddaa kan qabu ta'uu afgaaffii barsiisa Diimaa Abbabaatiif godhamerraa hubachuun danda'ameera. Yaaduma kana sirriitti cimsuuf fakkeenya kanaa gadii ilaaluun barbaachisaadha.

Fakkeenya 11.

*Quufaa: Harree Macareeboo!*

*Quuftuu: Waalamaa sadii*

*Quufaa: Maal isii?*

*Quuftuu: Mataa isii!*

*Quufaa: Maal isii?*

*Quuftuu: Cumaa isii!*

*Quufaa: Maal isii?*

*Quuftuu: Eela isii!*

*Quufaa: Maal isii?*

*Quuftuu: Cumphoo isii!*

*Quufaa: Maal nyaatta?*

*Quuftuu: Marqa carree!*

(Madda: afgaaffii, Marii gareefi Daawwii Dabalee D)

Tapha kana gaafataan 'harree macareeboo' yoo jedhuu gaafatamaan immoo 'waalamaa sadii' jechuun jalaa qaba. Itti aansuun gaafataan 'maal isii, maal isii, maal isii…' 'jechuun dafee dafee ariitiin yoo gaafatu; gaafatamaan immoo qaama harree macareeboo keessaa mataa hanga qeensaa, qaama keessaafi alaa waamuudhaan dafee dafee deebii kenna. Bifuma kanaan taphichi itti fufuun gaafataan gaafatamtuu dagachiisuun 'maal nyaatta' jedhee yoo gaafatu; gaafatamtuun 'marqa Carree nyaadha' jechuun deebii kenniti. Wanti asirraa hubatamu taphinni kun ariitiin ijoolleen akka dhaggeeffataniifi dubbatan shaakalchiisuu keessatti gahee qabachuu isaa irraa hubatama.

Walumaagalatti taphoonni asii olitti caqafaman ariitiin dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee shaakalchiisuudhaan dandeettii isaanii gama dhaggeeffachuufi dubbachuutiin jiru akka dagaagfataniif gahee kan qabuudha.

### 4.1.6 Yaada Ofii Baldhinnaan Ibsachuu Shaakalchiisuu

Akka yaada odeefkennitootarraa hubatametti taphoonni ijoollee kanneen raawwii jechootaatiin taphataman gahee yaada ofii baldhinnaan ibsachuu shaakalchiisuu keessatti qaban dansaa akka ta'e ibsu. Ijoolleen akka yaada ofii baldhinnaan ibsachuurratti hin rakkanneef maatiin isaanii taphoota raawwii jechaatiin taphatamu taphachiisaa guddisuun barbaachisaadha jedhu.

Haaluma yaada kana cimsuun afgaaffiin Barsiisaa Diimaa Abbaabaafi Barsiistuu Bashaa Wattichaa waliin Onkololeessa 28, 2016 ganda Bulbulaatti taasifamerraa akka hubatametti taphoonni ijoollee jechaan raawwataman ijoolleen yaada isaanii baldhisanii ibsachuu akka

danda'an kan shaakalchiisuudha jedhu. Keessattuu yeroo ammaa barattoota biratti yaada ofii ibsachuu irratti hanqina guddaan akka jiru ibsuudhaan hanqinni kun immoo kan dhufuu danda'eef sababaa ijoolleen taphoota ijoollee taphachaa hin guddatiniif akka ta'e dubbatu.

Odeefkennitoon kunneen ittuma fufuun akka jedhanitti hawaasa Oromoo keessatti jarsooliin aadaa, duudhaa, safuufi safeefannaa, seenaafi kanneen biroo qoma isaanii keessa jiru kan kitaaba hedduu irraa barreessuun danda'amu rakkoo tokko malee sababaan ibsaniif jalqabarraa taphoota ijoolleetti fayyadamuun yaada isaanii baldhinnaan shaakalaa waan guddataniif akka ta'e ibsu. Akkanatti taphoota ijoolleetiin shaakalaa guddachuun rakkoo nama ofootti bahanii dubbachuu dadhabuu namarraa akka hanbsu afgaaffii ka'eef irratti dubbataniiru.

Taphoonni yaada ofii akka baldhinnaan ibsatan ijoollee shaakalchiisan hedduu akka ta'aniifi dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu keessatti gahee guddaa kanneen qaban keessaa Oduun dur 'malaan duuluu' jedhu akka fakkeenyaatti fudhatamuu akka danda'u ibsaniiru.

Yaada kana baldhinnaan ibsuudhaaf fakkeenya asii gadii kana ilaaluun barbaachisaadha.

Fakkeenya 12.

> *Dur dur jara takkatu shan ta'anii duula deeman jedhama. Isaanis: Lukkuu, Leenca, Bofa, Huummoofi Hantuuta. Jara shanan keessaa lukkuun horii oofachuuf kaatee osoo demtu leencatti dhufte. Leenci, "Eessa deemta?" jedhee gaafate. "Horii oofachuuf deema" jetteen. "Akka ati itti oofattu ilaala" jedhee waliin deeme.*
>
> *Osoo deeman Bofatti dhufan. Bofnillee, "Eessa deemtan?" jedhee gaafate. Lukkuun, "Duulaaf deema" jetteen. "Ijji tokko si ballaa; lukti tokko si muraa attamiin duulta?" jedheen Bofti. "Malumaan duula" jetteen. Boftillee "Akkuma Lukkuun itti boojitu ilaala" jedhee duukaa deeme….*

(Madda: afgaaffii Dabalee D)

Fakkeenya 12^ffaa kanarra wanti hubatamuu danda'u ijoolleen oduu durii kana yoo walitti himan yaada baldhaa oduu durii kana keessa jiru irraa hubachuun jiruufi jireenya isaanii keessatti ittifayyadamuu barachaa adeemu. Oduu durii kana keessatti gochaaleen tartiibaan dhihaatan, yaadinni achi keessatti kaafaman, maqaaleen bineensotaa achii keessa jiran garmalee waan nama

hawatuuf ijoolleen salphaadhumatti qomatti qabachuun yeroo biraatis irradeebiin taphicha walitti himu. Haalaa Kanaan ijoolleen yaada baldhinna qabu caqasaa yoo guddatan rakkoon yaada ofii ibsachuu isaan hin mudatu jechuudha.

Walumaagalatti ijoolleen akka rakkoon yaada ofii baldhinnaan ibsachuu isaan hin mudanneef taphoota ijoollee kanneen jechaan raawwataman fayyadamuun yaada isaanii baldhinnaan ittiin ibsachaa deemuun akkaan barbaachisaadha. Kanaafuu taphoonni ijoollee yaada ofii baldhinnaan ibsachuuf nama qarqaara waan ta'eef dandeettii dhaggeeffachufi dubbachuu dagaagsuu keessatti gahee qabu.

## 4.2 Akkaataa Taphoonni Ijoollee Jechaan Raawwataman Dandeetti Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Gabbisan

Taphoonni ijoollee raawwii jechaatiin taphataman akkaataa kamiin yookiin haala kamiin yoo ittifayyadaman dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu danda'an gaaffii jedhuuf yaada (Finnegan, 1970). Kennite akka ibsutti ijoolleen dandeettii afaanii isaanii cimsaachuu keessatti taphoota addaddaa haala garagaraatiin itti fayyadamuu danda'uu isaaniittu murteessaa jitti. Akka yaada kanarraa hubatamutti ijoolleen dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagfachuu kan dandeessu shaakala ofii taasisaniifi qarqaarsi maatiin isaaniif godhu iddoo guddaa akka qabuudha.

Akka afgaaffii barsiisaa Diimaa Abbabaafi barsiistuu Bashaa Wattichaa waliin Onkololeessa 28, 2016 ganda Bulbulaatti taasifamerraa hubachuun danda'ametti, taphoonni ijoollee raawwii jechaatiin taphataman akkataa asii gadii kanaan yoo fayyadaman dandeettiin ijoollee dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii kan dagaagu ta'uu ibsaniiru.

Taphoonni ijoollee jechaan raawwataman dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee cimsuu kan danda'an dabaree dabareedhaan taphachuun, irradeddeebiin taphachuun, waan tapha keessatti dhagayan irradeebiin dubbachuudhaan, yeroo yeroon waliin taphachuudhaan, jechoota addaddaa taphicha keessaa baasuun dubbachuu ittiin shaakaluufi kkf akka ta'an ragaalee argamanirraa hubachuun danda'ameera.

Gama biraatiin ijoolleen dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagfachuudhaaf maatiin, hiriyyoon isaaniifi ijoolleen matumti isaanii akkataa taphoota jechaan raawwatamanitti

fayyadamanii dandeettii lameen duraa kana ittiin cimsatan keessatti shoora kan qaban ta'uu yaada ka'ee kanarraa hubachuun danda'ameera.

### 4.2.1 Akkaataa Gama Maatiitiin IJoolleen Dhaggeeffachuufi dubbachuu Itti Dagaagfatan

Maatiin ijoolleen isaanii dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbifatan gochuu keessatti gahee olaanaa qabu. Maatiin ijoollee guddistoota, kunuunsitootafi qajeelchitoota waan ta'aniif ijoolleen waan raawwatan sirnaan akka raawwatan qajeelfamaafi sirreeffama kennu.

Akka kanaan maatiin mana keessatti ijoollee isaanii taphoota jechootaan raawwataman itti himuun akka ijoolleen taphicha irrdeebiin shaakalan gochuu danda'u. Akka marii garee Obbo Midhaassoo Hedatoofi kanneen biraa waliin taasifamerraa hubachuun danda'ametti maatiin ijoollee isaanii taphoota akka Sololi'aa morma isii sharii, Harree Macareeboo, Gama keenna Roobee Gama keessa Roobee, Binoo Bineensaafi kanneen biroo ijoollee itti himuun, waliin taphachuun, akka amma amma shaakalan taasisuun dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii akkaataa kanaan cimsachaa akka deeman gochuu qaba jedhu.

Walumaagalatti maatiin taphoota ijoollee jechaan raawwatamaniin ijoollee isaanii irradeddeebiin shaakalchiisuun, itti himuu, akka taphatan taasisuufi gochaalee biroo gochuun dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee isaanii akkataa kanaan akka cimu taasisuu akka qabanniidha.

### 4.2.2 Akkaataa Gama Hiriyyootaan Ijoolleen Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Dagaagfatan

Ijoolleen gama hiriyyoota isaaniitiin dandeettii afaanii kan jalqabaa lamaan dagaagfachuu akka danda'an yaada odeefkennitootarraa argameen hubachuun danda'amee jira. Akka marii garee xiyyeeffataa ganda Urgoo Macafarraatti Obbo Midhaasoofi kanneen biroo waliin Onkololeessa 03, 2016 taasifamerratti ibsameen ijoolleen hiriyyoota isaanii waliin ta'uun taphoota jechaan raawwataman irradeddeebiin kan taphatan yoo ta'e dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii dagaagfataa kan deeman akka ta'e yaadachiisanii jiru. Ijoolleen amala ammaa amma taphachuu waan jaalataniif hiriyyoota waliin irradeddeebiidhaan waan taphataniif osoo hinbeekin dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu cimsachuu danda'u.

Adeemsi waliin taphachuu hiriyyoota wajjiin taasifamu yeroo dheeraatiif waan gaggeeffamuuf ijoolleen taphoota addaddaa namootarraa dhagahan walittti fiduun waan taphataniif asuma keessa walirraa dhagahuufi dubbachuu amaleeffataa deemu. Amaleeffannaan kun immoo

ijoolleen yoo taphattu kuun dhaggeeffachuun dabaree isaa waan eeggatuuf naamusaan caqasuudhaan hordofa. Yeroo dabaree isaa immoo kan dura hin taphatiin ni taphata waan ta'eef waan dhaggeeffachaa ture irradeebiin dubbata. Adeemsi akkanaa immoo adeemsa kennaafi fudhataa waan ofikeessaa qabuuf salphaadhumatti dandeettii afaanii keessaa kan jalqabaa lamaan dagaagfatu jechuudha.

Akka Kanaan taphoota ijoollee jechaan raawwataman dabalee E jala jiru ijoolleen hiriyyoota isaanii waliin irradeddeebiin taphachuun adeemsa keessa immoo dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagfachaa deemu jechuudha. Yaada kana sirriiti hubachuuf fakkeenya kana yaalaallu.

Fakkeenya 13.

*Galgaluu: Waabeen guutuu moo hirdhuudha?*

*Galgalee: Qara hirdhuu; hancufa kiyya itti tufnaan guute.*

*Galgaluu: Attamiin ceete ree?*

*Galgalee: Nikonkoonnadhe.*

*Galgaluu: Konkoonnachuun deemsa maaliiti?*

*Galgalee: Deemsa raachaati.*
*Galgaluu: Raachumatu konkoonnataa? Naachi hinkonkoonnatuu?*
*Galgalee: Naachi waan bishaan galaati.*

(Madda: Marii garee Dabalee D)

Ijoolleen hiriyyoota isaanii waliin ta'uun yeroo tokko dubbatu kuun immoo dhaggeeffatta ta'uun taphicha taphatu waan ta'eef adeemsa kana keessatti ijoolleen dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii dagaagfachaa deemu. Akka fakkeenya 13[ffaa] irratti dhihaatetti ijoolleen lama lama ta'uudhan yeroo taphatanu dabaree dabareedhaan waljalaa qabaa waan taphataniif akkataa kanaan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagfachuu danda'u. Tapha kana keessatti Galgaleen Waabeen guutu moo hirdhuudha jechuun yoo gaafattu Galgaluun immoo Waabeen dura hirdhuu ture inni hancufa isaa itti tufnaan akka guute dubata. Askeessatti inni tokko yoo

dubbatu kan biraa dhaggeeffachuun deebii kenna waan ta’eef bifa dabareedhaan walgaafachuu kanaan dandeettii afaanii lamaan duraa cimsatu jechuudha.

Dimshaashummatti ijoolleen taphoota jechaan raawwataman waliin taphachuun, walgaafachuufi walshaakalchiisuun walitti himuun dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii akkaataa eerame kanaan dagaagfachaa kan deeman ta’uu yaada odeefkennitootarraa argameen hubachuun danda’ameera.

### 4.2.3 Akkaata Ijoolleen Ofii Isaaniitiin Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Itti Dagaagfatan

Ijoolleen qarqaarsa namoota biraa malee ofii isaaniitiin dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagfachuu akka danda’an afgaaffii barsiisaa Diimaa Abbabaa waliin taasifamerraa hubachuun danda’ameera. Akkaataan isaan dandeettii lamaan duraa kana ittiin cimsachuu danda’an tooftaalee asii gadii fayyadamuun akka ta’e dubbatu. Tooftaaleen kunis kanneen akka taphoota hiriyyoota waliin taphatan irradeebiin shaakaluu, tapha ijoollee biraaa waliin dura taphatan keessaa gaaffii namoota cinaa ofiitti argatan kamuu gaafachuu, jechootaafi sagaleewwan taphicha dura ijoollee waliin taphatanii yaadachuun irradeebiin dubbachuu fa’a akka ta’e caqasameera.

Kana malees taphoota dura dhagayan maatii keessaa nama barbaadanitti himuf yaaluu, akka tapha sana taphachuu danda’an beeksifachuuf jecha sagalee olkaasuun taphicha irradeddeebiin taphachuu, taphichi nama lamaan kan taphatamus yoo ta’e ofumaa akka nama lamaa ta’uun sagalee jijjiiraa taphachuu akka shaakalan marii godhamerratti kaafamee jira. Akka odeefkennaan kun dubbatetti ijoolleen itti yaadanii dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu cimsanna jedhanii osoo hin taane taphumaan ofgammachiisuuf jecha kan raawwataniidha. Adeemsa taphaa keessatti garuu dandeettii afaanii lamaan duraa dagaagfachuu akka danda’an hubatameera.

Walumaagalatti ijoolleen taphoota jechaan raawwataman addaddaa taphachuudhaan, nama biraatti himuudhaan, akka nama lamaa ta’anii kophaa ofii taphachuudhaaniifi sagalee isaanii jijjiiraa shaakaluudhaan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagfachuu akka danda’an hubatameera.

## 4.3 Haalli Ittifayyadama Taphoota Ijoollee Aanicha Keessatti Maal Fakkaata

Gaaffilee qorannoo kanaa keessaa inni sadaffaan haalli ittifayyadama taphoota ijoollee Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa yeroo ammaa maal akka fakkatu raagaalee odeefkennitootarraa argame bu'uura godhachuun akka asii gadii kanatti dhihaateera. Akka marii garee xiyyeeffataa ganda Urgoo Macafarraa onkololeessa 03, 2016 Obbo Midhaassoo Hedatoo, obbo Kabaroo Waayyuu, Aadde Kadiijaa Gabawoofi kanneen biroo waliin taasifamerraa hubachuun danda'ametti haalli ittifayyadama taphoota ijoollee haala kanaan dura yeroo ijoollummaa isaaniitti taphatamaa tureen akka hin jirre dubbatu. Dabalataanis afgaaffii barsiisaa Diimaa Abbabaatiifi barsiistuu Bashaa Wattichaa waliin gandaa Bulbulaatti taasifameen taphoonni ijoollee kanaan dura mana keessatti maatii waliin, naannoo isaaniitti immoo ijoollee waliin taphatamuun dhaloota dhalootatti darbaa dhufe yeroo amma akka hin jirre dubbatu. Walumaagalatti haalli ittifayyadama taphoota ijoollee sadarkaa maatii ijoolleetti, mana barnootaa keessattifi sadarkaa ijoolleetti haala kamirra akka jiru akka asii gadii kanaan dhihaateera.

### 4.3.1 Haala Ittifayyadama Taphichaa Sadarkaa Maatiitti

Hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti ijoolleedhaaf eddo guddaa kenna. Ijoollee isaatis kunuunsaafi eegumsa cimaa gochuu cinatti, ijoolleen haala naannoo isaanii akka hubatan, akka gammachuun guddatan, akka booharan, akka dandeetti isaanii cimsatan, akka ogummaalee adda addaa horataniifi beekumsa argatan taasisuuf mana keessatti galgalaafi ganama taphoota garagaraa ijoollee isaatti himuun barsiisa. Akka Ann Brich (1997) jedhutti ijoolleen tapha adda addaa taphachuun haala jireenya naannoo isaanii ittiin hubachuufi aadaa, duudhaa, safuu, fedhiifi hawwii qaban kan ittiin ibsatan akkasumas yaadaafi sodaa waan tokkorraa qaban karaa hubataniin ibsachuu kan danda'an yoo taphoota ijoolleetti fayyadaman akka ta'e ibsa. Akka yaada nama kanaarraa hubatamutti hawaasni Oromootis ijoollee isaa mana keessatti taphoota adda addaa itti himuun taphsiisaa guddisa. Kanamalees ijoolleen galgala galgala hanga irbaanni qophaa'utti taphoota adda addaa walgaafachaa akka booharan taasisuu keessatti qoonni maatiin qabu daran olaanaadha ture.

Garuu yeroo ammaa kana akka haala qabatama aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti adeemsi ijoollee mana keessatti maatiidhaan galgalas ta'ee ganama taphootaan waabarsiisuu akka hin jirre ragaalee odeefkennitootarraa argamerraa hubachuun danda'ameera. Maatiin

ijoollee isaaniitti taphoota xabboo yeroo ijoollummaa isaanii taphachaa guddatan itti himuu caalaa ijoolleen sagantaalee miidiyaan adda addaa dabarsu qofa akka hordofaan taasisu, ganamaa galgalas mana keessatti ijoollee hojiidhaan dhippisuu malee akka aadaa Oromootti ijoollee taphoota adda addaa itti himuun booharsaa barsiisuun akka hin jirre hubatameera. Fakkeenyaaf sagantaalee fiilmii adda addaa, sagantaa lallaba mantaa, diraamaa garagaraafi kanneen biroo akka fakkeenyaatti eeruun ni danda’ama. Haalli kun ammaoo ijoolleen beekumsaafi dandeettiiwwan afaanii kan akka dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbifataa hin guddanne isaan taasisa. Kanamalees ijoolleen tasumaa waa’ee faayidaa taphoota akka hin beekneefi iddoo akka hin kennineef isaan taasisee jiraachuu hubatameera.

Akka afgaaffii barsiisaa Diimaa Abbabaafi barsiistuu Bashaa Wattichaa waliin Onkololeesa 28, 2016 ganda Bulbulaatti taasifame irraa hubatametti maatiin ijoollee hubannoo dhabuurraa kan ka’e, yeroo taphaa ijoollee isaaniitii kennuu dhabuurraa kan ka’e, taphoota ijoollee akka waan faayidaa hin qabneetti lakkaa’uuraa kan ka’efi sababoota biraatiin dagamuun ijoollee isaanii taphoota ijoollee bu’aa hedduu kennuuf dhabsiisaa akka jiran yaada odeefkennitoonni kennanirraa hubachuun danda’ameera.

Walumaagalatti akka haala qabatama aanaa kanaatti maatiin ijoolee isaa taphoota ijoollee akka duudhaa hawaasa Oromootti ganamas ta’ee galgala taphsiisaa akka hin jirre hubatameera. Kanarraa kan ka’e ijoolleen faayidaa taphootarraa argachuu qaban dhabaa akka jiran, mana barnootaa keessatti yeroo barsiisonni waa’ee taphootaa gaafatan beekuu dhabuu, ijoolleen beekumsa gabbaa taphoonni ijoollee ofkeessaa qaban argachuu dhabuu fa’a akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda’ama.

### 4.3.2 Haala Ittifayyadama Taphichaa Sadarkaa Mana Barumsaatti

Manni barnoota bakka adeemsa baruu barsiisuun itti gaggeeffamuudha. Adeemsi baruu barsiisuu keessatti ijoolleen ga’uumsa akka horatan gochuudhaaf haala qabatama naannoo, aadaa hawaasichaa, duudhaa hawaasaa, safuu hawaasaafi kanneen biroo ijoolleen akka baratan gochuu keessatti manni barumsaa shoora olaanaa qabaata. Keessattuu adeemsa baruu barsiisuu kan mijeessu ijoollee baratan sissi’eessu keessatti qooda kan qabu afoola hawaasa fayyadamuun akkaan barbaachisaadha.

Akka haala qabatama aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti manneen barnootaa keessatti haalli itti fayyadama taphoota ijoollee walfakkaataa akka hin taane ragaalee odeefkennitootarraa argameen hubachuun danda’ameera. Manneen barnootaa keessatti gosa barnoota adda addaa ittiin barsiisuuf taphoonni ijoollee faayidaa akka qaban afgaaffii Onkololeessa 28, 2016 barsiisaa Diimaaa Abbabaafi barsiistuu Bashaa Wattichaa waliin godhamerraaa hubachuun danda’ameera. Akka yaada barsiisota kanaatti taphoonni ijoollee barnoota akka herreegaa, safuu, afaan, seenaa, hawaasafi barnoota lammummaafii amala gaarii ittiin barsiisuu keessatti barsiisonni osoo ittifayyadamanii faayidaa guddaa akka qabaatuu dubbatu.

Akka yaada odeefkennitootaatti barnoota herregaa ittiin barsiisuuf taphoonni ijoollee kanneen akka hibboon xarii, hibbakka fa’a akka fayyadamuun danda’amu kaasu. Kanamalees tapha ijoollee keessaa tapha harree macareeboo barnoota safuu ittiin barsiisuu keessatti osoo ittfayyadamanii bu’aa akka qabu dubbatu. Gama biraattiin ijoolleen dandeettiiwwan afaanii isaanii akka gabbifataniifi taphoota ijoollee adda addaa kan afaan barsiisuu keessatti gahee qaban barsiisonni osoo fayyadamanii dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee cimsuu keessatti shoora olaanaa qabaata.

Yaata’uumaalee akka qabatama aanaa kaanaatti mana barumsaa keessatti ittifayyadamni taphoota ijoollee sadarkaa yaadeessaarra akka jiru ragaalee argamanirraa hubachuun danda’ameera. Keessattuu adeemsa baruu barsiisuu keessatti taphoota ijoollee fayyadamanii ijoollee barsiisuun gosa barnoota afaan Oromoo qafaaf akka waan kennameetti barsiisonni yaadan akka jiran hubatameera. Barsiisonni gosa barnoota biraa barsiisan afoolatti fayyadamanii ijoollee sissi’eessaa barsiisuu caalaa akka afoolli kan afaan Oromoo qofa ta’eetti yaaduun warren itti hinfayyadamni hedduudha. Haalli afoolatti fayyadamuun ijoollee barsiisuu dhabuu immoo faayidaalee akka booharuu, bashannanuu, dandeettii adda addaa horachuu, xiinxaluu, ogummaalee adda addaa gonfachuu ijoollee kan dhabsiisu akka ta’e hubachuun danda’ameera.

Gama barsiisota afaan Oromoo barsiisaniin haalli ittifayyadamma taphoota ijoollee walfakkaataa akka hin taane hubachuun danda’ameera. Barsiisonni taphoota ijoollee kanneen kitaaba barnootaa keessatti dabree dabree dhihaatuun alatti taphoota xabboo kanneen aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti akka duudhaa hawaasa naannoo kannaatti taphatamanitti fayyadamaa hin jiran. Taphoota ijoollee hawaasa naannoo kanaatti fayyadamuu dhabuun

barsiisotaa taphoonni kunneen akka dagataman gochuu keessatti barsiisonnis qooda qabu jechuudha.

(Madda Afgaaffii Dabalee D)

Walumaagalatti haalli ittifayyadama taphoota ijoollee aanaa kana keessatti sadarkaa mana barnootaati hubannoofi ilaalchi ittifayyadama taphoota ijoollee garaagarummaa akka qabu hubatameera. Keessattu barsiisonni barnoota biraa barsiisan taphoonni ijoollee afaan qofa ittiin barsiisuuf akka waan ooluutti hubachuun isaanii; barsiisonni afaan Oromoo barsiisan immoo taphoota xabboo hawaasa naannoo sanaatiin dubbatamu fayyadamuun ijoollee barsiisuu dhabuun isaanii dagatamuufi badaa jirachuu taphoota ijoollee keessatti shoora akka qabantu hubatama.

### 4.3.3 Haala Ittifayyadama Taphichaa Sadarkaa Ijoolleetti

Akka duudhaa Oromootti ijoolleen naannoo mana jireenyaatti hiriyyoota isaanii waliin taphoota gosoota adda addaa kanneen dandeetti isaanii kallatti garagaraatiin isaanii fooyyessu waliin taphachuun beekkamma ture. Keessattuu yeroo loon tiksan jabbilee eegan, bakka malkaa loon bishaan obaasanitti, bakka loon kaloo ykn marga dheechisanitti, bakka ciisicha looniitti taphoota gosoota adda addaa waliin taphachaa guddatu. Kanamalees ijoollee waarii hanga irbaanni qophaahutti akkamu baayyinna isaaniitiin taphoota adda addaa taphachuun booharfatu. Nama lama lama ta’uun hibboo walgaaffatu, harree macareeboo waliin taphatu, gama keenna roobee gama keessan roobee walgaafatu. Gareedhaan ta.uun immoo waagodo godoo waliin taphatu, oduu durii walitti himu, gabayaa galtuu tiyyaa waliin taphatuun qophii irbaataa eeggatu.

Akka qabatama aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti garuu ittifayyadamin taphoota ijoollee haala asii olitti caqafameen ittifayyadamaa akka hin jirre ragaan odeefkennitootarraa walitti qabamerraa hubachuun danda’ameera. Yaada odeefkennitootarraa argamee akka hubatametti ijoolleen taphoota ijoollee waliin taphachuu caalaa taphoota ammayyaa kanneen akka kubbaa miilaa, kubbaa saaphaanaa, feesibuukii, tiktookiifi yuutuubii fa’arraa taphoota adda addaa ijaan ilaaluu malee taphoota xabboo kan beekumsa yabbaa irraa argachuu danda’an taphachaa hin jiran Gama biraatiin mana keessatti maatii isaaniitiin taphoota ijoollee nutti himaa jechuu caalaa miidiyaalee adda addaa qofarratti xiyyachuun akka jiru Marii garee xiyyeeffataa gandoota sadan manguddoo, barsiisotaafi haawwota waliin Onkololeessa 03, 04, 05 2016 gaggeeffamerra hubachuun danda’ameera.

Akka duudhaa hawaasa Oromootti taphoota ijoollee fayyadamuun ijoollee sababoota adda addaa ofkeessaa akka qabu odeefkennitoonni ni dubbatu. Sababoonni kunneenis waa’ee faayidaa taphoota irratti hubannoo dhabuu, maalummaa taphoota ijoollee wallaaluu, gosoota taphoota ijoollee wallaaluu, yoomessa taphoota ijoollee beekuu dhabuufi maqaa gosa tapha ijoollee sirumaa tanaan dura dhagahuu dhabuu fa’a kasuun ni danda’ama.

(Madda: Dabalee D)

Walumaagatti akka qabatama aanaa kanaatti ijoolleen taphootatti fayyadamuun dhabuun sadarkaa yaadessaa irra akka jiru ragaalee argamerraa hubachuun danda’ameera. Keessattuu ijoolleen manattis ta’ee alatti bakka adda addaatti yoo walargan taphoota ijoollee taphachuun waliin taphachuu caalaa gochaalee kanneen birootiin yeroo isaanii kan dabarsan ta’uu isaaniiti. Akkasumas aadaa ofii leellisuu caalaa waan ofii keessatti hin hirmaanneefi dhugummaa isaa hin beekne waan akka fiilmii, diraamaa, doo’ii, muuziqaafi taphoota kubbaa miilaafi kubbaa saaphaanaa taphachuu irratti akka xiyyeeffattan hubachuun danda’ameera.

# 5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Kutaa kana keessatti haala waliigalaa qorannoo kanaa jalqabaa hanga dhumaa jiran kan ilaallatuudha. Caalmatti immoo cuunfaa, argannoofi yaboon ibsa isaanii faana dhiyaataniiru.

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun kutaalee shanitti qoodamee dhiyaateera. Kutaa tokkoffaa jalatti seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, gaafilee bu'uuraa qorannichaa, kaayyolee qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqinna qorannichaattu dhiyaate.

Kutaaa lammaffaa keessatti ammoo, yaadrimeewwan ilaallaman maalummaa ijoollee, maalummaa tapha ijoollee, gosoota tapha ijoollee, yoomessa tapha ijoollee, faayidaa tapha ijoollee, gahee tapha ijoolleefi yaadiddama qorannichaatu dhihaate

Kutaa sadaffaa keessatti immo: ibsa naannoo qorannichaa, saxaxa qorannichaa, madden ragaalee qorannichaa, iddatteessuufi malleen iddatteessuu qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee, tooftaalee xiinxala ragaaleefi naamusni qorannichaa ibsamaniiru. Kunis, qorataan mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun ragaalee sassaabaman qaaccesseera. As keessatti manguddoota, barsiisota, haawwotaafi ijoollee gandootarraa akka iddattootti filaman hirmaachiseera. Walumaagalatti, dhimma kana milkeessuuf meeshaaleen funaansa ragaalee kan akka daawwannaa hirmaachisaa, marii garee xiyyeeffannaafi afgaaffiin hojiirra oolanii jiru.

Kutaa arfaffaa jalatti ammoo, ragaaleen meeshaalee garaagaraan funaannaman xiinxalamuun ibsi itti kennameera. Qabxiileen waliigalaan xiinxalli irratti geggeeffames akkuma kaayyoo qorannoo kanaa irratti ibsame, qorannoon ammaa kun gaheewwan taphoota ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti: haala aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa xiinxaluu kan xiyyeeffatu ta'ee, gaafilee bu'uuraa qorannichaa irratti hundaa'uun: taphoota ijoollee kanneen jechaan raawwataman gaheewwan isaan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban, akkataa taphoonni ijoollee jechaan raawwataman dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu itti dagaagsaniifi haalli ittifayyadama taphoota ijoollee akka aanaa kannaatti maal akka fakkaatu xiinxalamaniiru.

## 5.2 Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa gaheewwan taphoota ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban: haala aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa kan xiinxale yoo ta'u, gaafilee bu'uuraa qorannichaa irratti hundaa'uun: taphoota ijoollee kanneen jechaan raawwataman gaheewwan isaan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti qaban, taphoonni ijoollee jechaan raawwataman akkamiin dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee akka dagaagsaniifi haalli ittifayyadama taphoota ijoollee akka aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti maali akka fakkaatu ilaalchisee, daawwannaa yeroo addaddaatti taasise irraa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffataa odeefkennitootaaf taasiseen qabxiilee kutaa afraffaa jalatti qaaccesse irra dhaabachuun argannoowwan bira gahe kanneen armaan gadiiti:

a) Gaheewwan taphoonni ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qaban kanneen ta'uu bira gahee jira. Isaanis: gahee jechoota haaraa barsiisuu, gahee waliin dubbii barsiisuu, gahee naamusaan dhaggeeffachuufi dubbachuu barsiisuu, gahee sodaa malee dubbachuu shaakalchiisuu, gahee ariitiin dhaggeeffachuufi dubbachuu shaakalchiisuufi gahee yaada ofii baldhinnaan ibsachuu danda'uu shaakalchiisuu akka ta'an bira gaheera.

b) Akkaataa taphoonni ijoollee jechaan raawwataman dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu itti gabbisan ilaalchisee argannoon bira gahe isaan kanneen: dabaree dabareen taphachuu, irradeddeebiin taphachuu, taphoota taphatan keessaa gaaffii walgaafachuu, jechoota tapha keessaa argame dhaggeeffachuufi dubbachuu keessatti itti fayyadamuu fa'a akka ta'an bira gahee jira. Dabalataanis maatiin, hiriyyoonniifi ijoolleen matumtti isaanii akkaataa taphoonni ijoollee dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii dagaagsuu keessatti qooda akka qaban bira gahameera.

c) Akka haala qabatama aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti ittifayyadamin taphoota ijoollee sadarkaa maatiitti mana keessatti akka duudhaa oromootti kan hin jirre ta'uu, ijoolleenis naannoo mana jireenya isaaniitti taphoota xabboo ta'an ijoollee biraa waliin akka duriitti taphachaa akka hin jireefi mana barnootaattis barsiisonni afaan oromoo barsiisan bifaa walfakkaatuun fayyadamaa kan hin jirre ta'uu bira gahameera

## 5.3 Yaboo

Qorataan qorannoo matadureen isaa gaheewwan taphoota ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti qaban xiinxaluu kan jedhurratti kan gaggeesse yoo ta'u, argannoo qorannichaan bira gaherra dhaabbachuun yaboo isaa akka asii gadiitti dhiyeessee jira.

a) Waajjirri Aadaafi Tuuriizimiifi waajjirri barnootaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa taphoota ijoollee dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti gahee qaban kana barreeffamatti jijjiiree osoo dhalootaa kaa'ee. Qorannoo kana ani kallattii gaheewwan taphoonni ijoollee dhaggeeffachuufi dubbachuu gabbisuu keessatti qabaniin qoradhee. qorattoonni biroo osoo kallattii gahee taphoonni ijoollee hawaasummaa ijaaruu keessatti qabanirratti osoo dalaganii gaarii ta'a.

b) Taphoonni ijoollee akkaataa asii gadii kanaan yoo kan hojiirra oolan taate dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee ni gabbata. Isaanis: Maatiin ijoollee mana keessatti taphoota ijoollee taphachiisuu, itti himuu, irradeddeebiin taphoota addaddaa akka taphatan osoo godhanii dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee ni gabbisa. Inni lammataa immoo ijoolleen hiriyyoota isaanii waliin osoo taphatanii, taphoota addaddaa kan jechaan raawwatan dabaree dabareen osoo waliin taphatanii, osoo waan taphoota keessaa hubatan walgaafatanii dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii ni gabbisa.

c) Waajjirri barnootaa aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa taphoota ijoollee raawwii jechaatiin taphataman kanneen dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti gahee qaban qorannoo kanaan argamaniifi isaan biraa hawaasa keessaa walitti qabuun barreeffamatti jijjiiruun baruu-barsiisuu keessatti dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuu osoo akka ittiin barsiifamu taasisee gaarii ta'a.

Dabalataanis maatiin taphoota ijoollee jechaan raawwataman mana keessatti itti fayadamuu aadefachuun dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee isaanii akka gabbatu osoo taasisanii.

# 6. Wabiilee

Abbas, Haji. 1982. *The History of Arsii (1890).BA thesis in History*, Addis Ababa University.

Addunyaa Barkeessaa. 2011. *Akkamtaa: Yaadrimee qorannoo hujoo* Finfinne Mega Printing Plc.

_________________. 2014. *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee Oromiyaa: Far East Trading PLC.

Alan, I. 1981. *The Macmillan Encyclopedia*: USA. Laurence Ward Association LTD.

Amos, B. 1995.*Towards a Definition of Folklore in context*: Reading in American Folklore Newdeli: South Asian Publishers Ltd.

Ann Birch .1997. *Psychology of Development*: Infancy to Adult Hood.2nd Edition Palgrave: St Martin's Press.

Aschaalew Asraat. 2017. *Qaaccessa Tapha Ijoollee Booranaa*: Godina Booranaa Aanaa Taltaallee Yuunvarsiitii A.A. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Kan hinmaxxanfamne

Asafaa Tafarraa.1991. *Wiirtuu Jildii-4. Barruulee Waaltina Afaan Oromoo*: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa, Finfinnee.

__________. 2009. *Eela*: A.A. Far East trading PLC.

Bantii Baatii. 2010/ 2018. *Qaaccessa Raawwii Sirna Kabaja Ayyaana Tajoo Roobaa Uumata Oromo Arsii Gosa Utaa-Waayyuu*.Finfinnee (Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa hinmaxxafamne).

Beekan Gulummaa. 2015. *Koomtoo: Gooma Afoola Oromoo*: Finfinnee, Oromiyaa.

Bukenya, R.et al. 1994.*Understanding Oral Literature. Nairobi*: Nairobi University Press.

Carol, L. 1980.*Oral Literature & the Teaching of Reading*: International Reading Association.

Dastaa Dassaaleny. 2002. *Bu’uura Qorannoo*: Yuunivarsitii Finfinnee. Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dafaa Jamoo. 1974. *Aadaa Oromoo Wallaggaa*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Seentaraal.

Delf Maria Hohmann. 1993. Play and Games in southern Harbour: Utah State University. Unpublished MA thesis.

Dorson, M. 1972. *Folklore and Folke Life Studies an Introduction*: The University Of Chicago Press.

Fedhasaa Taaddasaa. 2013. *Subii: Bu’uraalee Ogbarruu*. Finfinnee, Oromiyaa.

Filee Jaallataa. 2019. *Malleen Qorannoo*: Finfinnee, Oromiyaa.

____________. 2021. *Beekumtaa Oromoo*.Maxxansa 2ffaa.Keyline Printing: Finfinnee.

Finnegan, R. 1970. *Oral poetry: It is Nature and significance and social context*. Cambridge: Cambridge University press.

Goldstein.k. 2009. *Learning How to Ask*: A Sociolinguistics Appraisal of the Role of the Interview in Social Science Research. Cambridge University Press.

Jiillee Goobanaa. 2012. *Qabiyyee Tapha Ijoollee Oromoo Gujii*: Aanaa Bulee Horaa Godina Booranaa Yuunvarsiitii A.A Kanhin maxxanne.

Huseen Badhaasoo. 2000. *Seera Fuudhaa-Heeruma Oromoo Arsii*.Finfinnee Commercial P.E

Indaalem Qalbeessaa. 2020. Qaaccessa Tapha ijoollee: Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Jimmaa Horroo.Yuunvarsiitii Haramaayaa.Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa hinmaxxanfamin.

Irranaa Gabayyoo. 2019. *Faayidaa Taphni Ijoollee Ijoollee Barsiisuu Keessatti Qabu*: Godina Horroo Guduruu Wallagaa Aanaa Jimmaa Gannatii. Yuunivarsiitii Haramaayaa. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa hinmaxxaffamin.

Lindon, J. 2001. *Understanding Children Play*: Nelson Thorne's.

Maammoo Badhaasaa. 2001. Sirna Naqatanii Fuudhuu: Yuunivarsiitii Addis Ababaa kan hinmaxxaffamin.

Maammoo Gadaa. 2009. *Duudhaa*.HY, International. Finfinnee

Massaluu Qinaaxxii.2017. *Qaaccessa Tapha Ijoollee Oromoo Godina Shawaa Lixaa*: Aanaa Baakkoo Tibbee. Yuunivarsiitii Wallaggaa.Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa hinmaxxaffamin.

Masfiin Tashoomaa. 1995. *Tapha ijoollee.* Wiirtuu Barruulee Qormaata Afaan Oromoo Jildii 7ffaa. Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa Gumii Qormaata Afaan Oromoo.

Mayring Ph. 2000. *Qualitative Social Frosting Forum*. Qualiative Social Research…

Melakneh Mengistu. 2006. *Fundamental of literature*: Addis Ababa: Addis Ababa Univrersity.

Merrill, K. 2013. *Tradition in the Twenty-First Century: Locating the Role of The Past in the Present*. Logan, UT: Utah State University Press.

Misganuu Gulummaa. 2011. *Dilbii: Bu'uura Afoola, Ogafaanifi Afwalaloo Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa.

Okpewho, I. 1992. *African Oral Literature*: Background Character and countinuty. Bloomington and Indianapolis: Indiana University press.

Oring, E.1986. *Folk Group and Folk Genres Introduction*: Logan UT. Utah State University Press.

Seefuu Gaaddisaa .2016. *Qaaccessa Weedduu Arrabsoo*: Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa.Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaaf (MA) Qophaa'e.Yuunivarsiitii Addis Ababaa kan hinmaxxafamin.

Sims. M. And Stephen.N. 2005. *Living Folklore: An Introduction to Study of Peoples* And Their Tradition.Utah State University Press.

Wasanee Bashaa. 2000/2008. *Barruulee simbirtuu:* Finfinnee, Oromiyaa.

Zewudee Taaddasaa. 2001. *Gosoota Afoola Afaan Oromoo*. Dhaabbata Qunnamtii Barnootaa. Ministeera Barnootaa. Finfinnee

Zoltan Dornei. 2007. *Research Methods in Applied Linguistics*: Quantitative, Qualitative and Mixed Methodologies. Oxford University Press. New York.

በድሉ ዋቅጅራ. 1996. *በስነጽሁፍ ቋንቋን ማስተማር፤* አዲስ አበባ፣ ንግድ ማተሚያ ድርጅት።

ፈቀደ አዘዘ። (1991). የሥነ-ቃል መምሪያ። *Institute for International Co-operation of the German Adult Education Association*. አዲስ አበባ፡ ቦሌ ማተሚያ ቤት ታተመ።

# 7. DABALEEWWAN

## DABALEE A: CHEEKLISTII DAAWWANNAA HIRMAACHISAA

Uunkafi Cheeklistii Daawwanna Hirmaachisaaf Qophaa'e

**Yuunivarsiitii Haramaayaa Kolleejjii Saayinsiiwwan Hawaasaafi Namummaa Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Qunnamtii**

Kaayyoon daawwannaa hirmaachisaa gaheewwan taphoonni ijoollee jechaan raawwataman dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu keessatti qaban xiinxaluu, taphoonni ijoollee jechaan raawwataman akkamiin dhaggeeffachuufi dubbachuu akka dagaagsan ibsuufi taphoota ijoollee jechaan raawwataman kunneen dhaggeeffachuufi dubbachuu keessatti gahee qaban muraasinni kam fa'a akka ta'an tarreessuudhaa.

Kanaaf, tapha kana akkuma duraan taphattanitti taphachuu akka qabdan kabajaan isin gaaffadha. Anis isin wajjiin waan taphadhuuf saalfii tokko malee akka waliin taphannuufi isinis taphachuun akka na daawwachiiftan irradeebiin kabajaan isin gaaffadha.

| T.L | Qabxiilee ijoo Daawwannaa Keessatti Hubataman | Ganda daawwatame | Guyyaa Daawwii |
|---|---|---|---|
| 1 | Gaheewwan taphoota ijoollee jechaan raawwataman dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu keessatti qaban daawwachuun hubadheera | -Arbafi<br>-Dastaa-Abjaataa | Onk. 04, 2016<br>Onk. 22, 2016 |
| 2 | Taphoonni ijoollee jechaan raawwataman akkamiin akka dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsan daawwii gaggeesseen hubadheera | -Arbaafi<br>Dastaa-Abjaataa | Onk. O4, 2016<br>Onk. 22, 2016 |
| 3 | Taphoonni ijoollee jechaan raawwatataman dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsan muraasinni kam fa'a akka ta'an daawwii taasiseen addabaaseera | -Arbaafi<br>Dastaa-Abjaataa | Onk. 04, 2016<br>Onk. 22, 2016 |

# DABALEE B: MARII GAREE XIYYEEFFATAA

## Yuunivarsiitii Haramaayaa Kolleejjii Saayinsiiwwan Hawaasaafi Namummaa Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Qunnamtii

## 2. Gaafilee Marii Garee Xiyyeeffataa Odeefkennitootaaf Dhihaate

Kabajamtoota Hawaasa! Kaayyoon marii garee xiyyeeffataa kanaa Gaheewwan Taphoonni Ijoollee Dandeetiiwwan Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Keessatti Qaban kan Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa Xiinxaluun qorannoo irratti geggeessudha. Kanaafuu, marii garee kanarratti odeeffannoon isin kennitan galma ga'iinsa qorannoo kanaaf iddoo guddaa qaba. Marii garee kanaarratti hirmaachuu keessaniif galatoomaa jechaa qabxiilee kanaa gadii irratti afaaniin odeeffannoo sirrii jettan maricharratti akka kaaftan kabaja guddaan isin gaafadha.

**Kutaa I. Odeeffannoo Waliigalaa**

A. Umrii________________ Saala___________ Ganda keessa jiraatu/ttu______________

B. Sadarkaa barnootaa: Kan barate________ Kutaa baratan________ Kan hinbaranne______

**Kutaa II. Gaafannoo Marii Gareetiif Dhihaatan**

1. Tapha ijoollee jechuun maali jechuudha? Mee irratti yaada kennaa?
2. Taphoonni kunneen faayidaa akkamii fa'a ijoolleef qabu jettanii yaaddu?
3. Taphoonni jecha qofaan taphataman maali fa'a akka ta'e kaasaamee?
4. Taphoonni kunniin dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee ni dagaagsa jettuu?
5. Taphoonni jechaan taphataman akkamiin dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu danda'u?
6. Mee taphoota ijoollee jechaan raawwataman muraasa maqaa dhahuu dandeessuu?
7. Taphoonni amma natti himtan akkamiin dhaggeeffachuu dagaagsuu danda'u jettu?
8. Gaheen taphinni ijoollee dhaggeeffachuufi dubbachuu keessatti qabu maal fa'a?
9. Mee taphoota ijoollee kanneen jechaan raawwataman keessaa kan beektan natti himmaa?
10. Gaheewwan taphoonni ijoollee jechaan raawwataman akkamiin dhaggeeffachuufi dubbachuu cimsuu danda'u jettu?

## DABALEE C: AF-GAAFFII

**Yuunivarsiitii Haramaayaa Kolleejjii Saayinsiiwwan Hawaasaafi Namummaa Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Qunnamtii**

### 3. Gaaffilee Odeeffannoo Kennitootaaf Qophaa'e

Kabajamtoota odeeffannoo kennitoota! Kaayyoon afgaafii kanaa Gaheewwan Taphoonni Ijoollee Dandeetiiwwan Dhaggeeffachuufi Dubbachuu Keessatti Qaban Kan Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa Xiinxaluun qorannoo geggeessuuf kan barbaadameedha. Kanaafuu, odeeffannoon isin kennitan galma ga'iinsa qorannoo kanaaf iddoo guddaa waan qabuuf, gaafii afaaniin isiniif dhihaatu dhaggeeffachuun odeeffannoo sirrii jettan akka kennitan kabaja guddaan isin gaafadha.

Kutaa I. Odeeffannoo Waliigalaa

A. Umrii________________ Saala___________ Ganda keessa jiraatu/ttu______________

B. Sadarkaa barnootaa: Kan barate_______ Kutaa baratan_______ Kan hinbaranne_____

Kutaa II. Gaaffilee Afgaaffiif Dhihaatan

1. Akka hawaasa naannoo kanaatti taphni ijoollee maali fa'a?
2. Taphoota akkamii fa'a taphachuu jaalatan?
3. Taphoonni ijoollee jechaan raawwataman maal fa'a jettu?
4. Taphoonnii kunneen dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsuu keessatti gahee qabuu?
5. Taphoonni ijoollee jechaan taphatamanii akkamiin dhaggeeffachuufi dubbachuu cimsuu danda'uu?
6. Gaheewwan taphoota ijoollee kanneen jechaan taphataman keessaa muraasa himuu dandeessaa ?
7. Mee akkamiin taphoonni jechaan raawwataman dhaggeeffachuufi dubbachuu dagaagsan?
8. Tapha ijoollee keessatti kan moo'ate maal argata? Kan moo'atame hoo maal adabama?
9. Taphoonni jechaan raawwataman akkamiin dhaggeeffachuufi dubbachuu siif dagaagsu?
10. Taphoonni ijoollee ati taphachaa turte dhaggeeffachuufi dubbachuu kee siif cimseeraa?

# DABALEE D: CHAARTII ODEEFF-KENNITOOTAA

| T.L | Maqaa | Umrii | Saala | Aanaa | Ganda | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Addee Fusuuree Makkeessaa | Dub | 61 | ATJK | Arba | Haadha Siinqee |
| 2 | Obbo Quufaa Bantuu | Dhi | 72 | ATJK | Arba | Manguddoo |
| 3 | Addee Faaxumaa Baaboo | Dub | 67 | ATJK | Arba | Haadha Siinqee |
| 4 | Addee Amiinaa Abdii | Dub | 48 | ATJK | Arba | Haadha Siinqee |
| 5 | Obbo Qawweettii Buttaa | Dhi | 62 | ATJK | Arba | Manguddoo |
| 6 | Obbo Dhaabii Muhaammad | Dhir | 40 | ATJK | Arba | Manguddoo |
| 7 | Abbishuu Obsaa | Dhi | 13 | ATJK | Arbaa | Ijoollee |
| 8 | Dureettii Aliyyii | Dub | 11 | ATJK | Arbaa | Ijoollee |
| 9 | Caaltuu Nugusee | Dub | 12 | ATJK | Arbaa | Ijoollee |
| 10 | Horaa Hedatoo | Dhi | 10 | ATJK | Arba | ijoollee |
| 11 | Obbo Midhaassoo Hedatoo | Dhi | 55 | ATJK | Urgoo-Macafarra | Manguddoo |
| 12 | Obbo Kabaroo Waayyuu | Dhi | 75 | ATJK | Urgoo-Macafarra | Manguddoo |
| 13 | Obbo Murtii Tusiyyoo | Dhi | 62 | ATJK | Urgoo-Macafarra | Manguddoo |
| 14 | Aadde Kadiijaa Gabawo | Dub | 65 | ATJK | Urgoo-Macafarra | Haadha siiqqee |
| 15 | Aadde Tasii Dhaqqabii | Dub | 51 | ATJK | Urgoo-Macafarra | Haadha siiqqee |
| 16 | Aadde Fusee lolee | Dub | 45 | ATJK | Urgoo-Macafarra | Manguddoo |
| 17 | Obbo Huseen Kadiir | Dhi | 59 | ATJK | Bulbulaa | Manguddoo |
| 18 | Obbo Daaliyyoo Wattichaa | Dhi | 51 | ATJK | Bulbulaa | Manguddoo |
| 19 | Diimaa Abbabaa | dhi | 43 | ATJK | Bulbulaa | Barsiisaa |
| 20 | Bashaa Wattichaa | Dub | 35 | ATJK | Bulbulaa | Barsiistuu |
| 21 | Loomii Tibbeessoo | Dub | 12 | ATJK | Dastaa-Abjaataa | Ijoollee |
| 22 | Kiilaa Tibbeessoo | Dub | 11 | ATJK | Dastaa-Abjaataa | Ijoollee |
| 23 | Faaxee Eda’oo | Dub | 13 | ATJK | Dastaa-Abjaataa | Ijoollee |
| 24 | Keerallaa Daaluu | Dhi | 12 | ATJK | Dastaa-Abjaataa | ijoollee |
| 25 | Caalaa Diimaa | Du | 11 | ATJK | Dastaa-Abjaataa | Ijoollee |
| 26 | Abdiisaa Bashiir | Dhi | 11 | ATJK | Dastaa-Abjaataa | Ijoollee |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 27 | Ibraahim Jiruu | Dhi | 13 | ATJK | Dastaa-Abjaataa | Ijoollee |
| 28 | Milkeessoo Xembessee | Dhi | 11 | ATJK | Dastaa-Abjaataa | Ijoollee |
| 29 | Furoo Waangooroo | Dub | 12 | ATJK | Dastaa-Abjaataa | Ijoollee |
| 30 | Aabbiyyoo Jaalatoo | Dhi | 14 | ATJK | Dastaa Abjaataa | Ijoollee |

# DABALEE E: TAPHOOTA IJOOLLEE RAAWWII JECHAATIIN TAPHATAMAN

## A. Sololi’aa Morma Isii Shari

Ganamoo:  Sololi’aa morma isii shar!

Ganamee: Shar!

Ganamoo:  Morma isii!

Ganamee: Shar!

Ganamoo:  Morma isii!

Ganamee: Shar!

Ganamoo:  Morma isii!

Ganamee: Shar!

Ganamoo:  Morma isii!

Ganamee: Shar!

Ganamoo:  Morma isii!

Ganamee: Shar!

Ganamoo:  Morma isii!

Ganamee: Shar!

Ganamoo:  Morma isii!

Ganamee: Shar!

Ganamoo:  Morma kee!

Ganamee: Shar!

Tapha kana  keessatti Ganameen waan morma kee jennan shar jetteef moo’amteerti.

**Adeemsa Taphaa B:**

Boonaa:  Sololi’aa morma isii shar!

Boontuu: Shar!

Boonaa:  Morma isii!

Boontuu: Shar!

Boonaa:  Morma isii!

Boontuu: Shar!

Boonaa:  Morma isii!

Boontuu: Shar!

Boonaa:  Morma isii!

Boontuu: Shar!

Boonaa:  Morma isii!

Boontuu: Shar!

Boonaa:  Morma isii!

Boontuu: Shar!

Boonaa:  Morma isii!

Boontuu: Shar!

Boonaa:  Morma kee!

*Boontuu: Cal!*

Adeemsa tapha kanaa keessatti Boontuun morma kee jennan cal waan jetteef moo'atteerti

**B.  Harree Macareeboo**

Turaa: Harree Macareeboo!

Kuullee: Waalamaa sadii

Turaa: Maal isii?

Kuullee: Gurra isii!

Turaa: Maal isii?

Kuullee: Funyaan isii!

Turaa: Maal isii?

Kuullee: Ija isii!

Turaa: Maal isii?

Kuullee: Eegee isii!

Turaa: Maal isii?

Kuullee: Kottee isii!

Turaa: Maal isii?

Kuullee: Cumaa isii!

Turaa: Maal isii?

Kuullee: Fiindoo isii!

Turaa: Maal isii?

Kuullee: Jammura isii!

Turaa: Maal isii?

Kuullee: Maala isii!

Turaa: Maal nyaatta?

Kuullee: Macuree isii!

Adeemsa tapha kanaa keessatti Kuulleen injifatamitee jirtti. Sababiin injifatamteef maal nyaata yeroo Turaan jedhuun Marqa carree jechuu dhiiftee qaama harree keessaa macuree isii nyaadha jettee waan deebifteef.

***Adeemsa Tapha B***

Quufaa: Harree Macareeboo!

Quuftuu: Waalamaa sadii

Quufaa: Maal isii?

Quuftuu: Mataa isii!

Quufaa: Maal isii?

Quuftuu: Cumaa isii!

Quufaa: Maal isii?

Quuftuu: Eela isii!

Quufaa: Maal isii?

Quuftuu: Cumphoo isii!

Quufaa: Maal isii?

Quuftuu: Fiindoo isii!

Quufaa: Maal isii?

Quuftuu: Marree isii!

Quufaa: Maal isii?

Quuftuu: Tafa isii!

Quufaa: Maal nyaatta?

Quuftuu: Marqa carree

## C. Gama Keenna Roobee Gama Keessan Roobee

Galgaluu: Gama keenna roobe; Gama keessan roobee?

Galgalee: Ee, roobe.

Galgaluu: Maal roobe?

Galgalee: Maddaa-marga.

Galgaluu: Maaltu dheeda?

Galgalee: Sa'a haadha Waaqooti.

Galgaluu: Haati Waaqoo deettee?

Galgalee: Ee, deette.

Galgaluu: Maal deette?

Galgalee: Ilmaa-intala.

Galgaluu: Kam guddisanii, kam luqqisan?

Galgalee: lachuu guddisanii, falfala luqqisan

Galgaluu: Waaqalaniifii?

Galgalee: Ee, qalaniifi.

Galgaluu: Maal qalaniif?

Galgalee: Tumaalessa duma  coomaati.

Galgaluu: Sii jifanii?

Galgalee: Ee, jifan.

Galgaluu: Naa jifanii?

Galgalee: Ee, siillee jifan.

Galgaluu: Eessa naa keette ree?

Galgalee: Bitimaa karraa sii kaa'e.

Galgaluu: Soqee hindhabnee maaltu fudhate ree?

Galgalee: Harraagessa baargamaa galutu koolaan dhayee fudhate.

Galgaluu: Ariitee ree?

Galgalee: Ee, ari'e.

Galgaluu: Fiiddee ree?

Galgalee: Ee, fiige.

Galgaluu: Kuftee ree?

Galgalee: Ee, kufe.

Galgaluu: Dhiiddee ree?

Galgalee: Ee, dhiige.

Galgaluu: Eessa dhiidde?

Galgalee: Jilba jala.

Galgaluu: Maaliin haqatte?

Galgalee: Cabbii Waabee gamaati.

Galgaluu: Waabeen guutuu moo hirdhuudha?

Galgalee: Qara hirdhuu; hancufa kiyya itti tufnaan guute.

Galgaluu: Attamiin ceete ree?

Galgalee: Nikonkoonnadhe.

Galgaluu: Konkoonnachuun deemsa maaliiti?

Galgalee: Deemsa raachaati.

Galgaluu: Raachumatu konkoonnataa? Naachi hinkonkoonnatuu?

Galgalee: Naachi waan bishaan galaati.

Galgaluu: Naachumatu bishaan galaa? Roophiin bishaan hingaluu?

Galgalee: Roophiin waan gurra bal'ataati.

Galgaluu: Roophimatu gurra bal'ataa? Woraanni gurra hinbal'atuu?

Galgalee: Woraanni waan arfii addaataati.

Galgaluu: Woraanumatu arfii addaataa? Daaraan arfii hinaddaatuu?

Galgalee: Daaraan waan baasanii gatan.

Galgaluu: Daaramatu gatamaa? Keessummaa hingatanii?

Galgalee: Keessummaan waan bulee lufaati.

Galgaluu: Keessummamatu bulee lufaa? Galaanni bulee hinlufuu?

Galgalee: Galaanni waan lafarra looyaati.

Galgaluu: Galaanumatu lafarra looyaa? Bofti lafarra hinlooyuu?

Galgalee: Bofti waan nama iddaati.

Galgaluu: Bofumatu nama iddaa? Kinniifni nama hinidduu?

Galgalee: Kinniifni waan damma dammeessaati.

Galgaluu: Kinniisumatu dammeessaa? Kaamoon hindammeessituu?

Galgalee: Kaamoon waan dukkoo galaati.

Galgaluu: Kaamomatu dukkoo galaa? Idaayyaan dukkoo hingaltuu?

Galgalee: Idaayyaan faaya dhiiraati.

Galgaluu: Idaayyamatu faaya dhiiraatii? Wonteen faaya dhiiraatii mitii?

Galgalee: Wonteen meeshaa gootaati.

Galgaluu: Wontematu meeshaa gootaatii? Hirboorri meeshaa gootaatii mitii?

Galgalee: Hirboorri faaya qondaalaati.

Galgaluu: Hirboorumatu faaya qondaalaatii? Sokorri faaya qondaalaatii mitii?

Galgalee: Sokorri faaya bareedinaati.

Galgaluu: Sokorumatu faaya bareedinaatii? Maraaroon faaya bareedinaatii mitii?

Galgalee: Maraaroon waan lafaa margaati.

Galgaluu: Maraaromatu lafaa margaa? Margi lafaa hinmarguu?

Galgalee: Margi soorata saayyaati.

Galgaluu: Margumatu soorata saayyaatii? Maddi soorata saayyaatii mitii?

Galgalee: Ee, maddaa-mari soorata saayyaati.

Galgaluu: Ee, maddaa margi saayyaa sifaa.

Galgalee: Dhamti saayyaa namaa sifaa.

Galgaluu: Araarri kiyyaafi kee nuu sifaa.

Galgalee: Nageenni sa’aa-namaa sifaa.

## D. Arbi Karaa Kana Darbe Maaliin Darbe

**Adeemsa Taphaa A:**

Gammadaa: Arbi karaa kana darbe; maaliin darbe?

Gammadduu: Dhagaraan!

Gammadaa: Mataa isaa!

Gammadduu: Dhagaraan!

Gammadaa: Mataa isaa!

Gammadduu: Dhagaraan!

Gammadaa: Mataa isaa!

Gammadduu: Dhagaraan!

Gammadaa: Mataa isaa!

Gammadduu: Dhagaraan!

Gammadaa: Mataa isaa!

Gammadduu: Dhagaraan!

Gammadaa: Mataa isaa!

Gammadduu: Dhagaraan!

Gammadaa: Mataa kee!

Gammadduu: Dhadhaan!

**Adeemsa Taphaa B**

Sabboontuu: Arbi karaa kana darbe; maaliin darbe?

Sabboonaa: Dhagaraan!

Sabboontuu: Mataa isaa!

Sabboonaa: Dhagaraan!

Sabboontuu: Mataa isaa!

Sabboonaa: Dhagaraan!

Sabboontuu: Mataa isaa!

Sabboonaa: Dhagaraan!

Sabboontuu: Mataa isaa!

Sabboonaa: Dhagaraan!

Sabboontuu: Mataa isaa!

Sabboonaa: Dhagaraan!

Sabboontuu: Mataa isaa!

Sabboonaa: Dhagaraan!

Sabboontuu: Mataa kee!

Sabboonaa: Dhagaraan!

## E. Binoo Bineensaa

Saafayee: Binoo bineensa.

Saafayoo: Bineensa.

Saafayee: Maal fa'a?

Saafayoo: Arba.

Saafayee: Maal fa'a?

Saafayoo: Leenca.

Saafayee: Maal fa'a?

Saafayoo: Gafarsa.

Saafayee: Maal fa'a?

Saafayoo: Qeerransa.

Saafayee: Maal fa'a?

Saafayoo: Yayyii.

Saafayee: Maal nyaatta?

Saafayoo: Gadamsa.

Saafayoo: Binoo bineensa.

Saafayee: Maal fa'a?

Saafayoo: Sattawwaa.

Saafayee: Maal fa'a?

Saafayoo: Karkarroo

Safayee: Dogoggorte! Foon karkarroo hinyaatan; mooyatamte.

## F. Hiibboo? Hiibbakka

**Tapha 1ffaa**

Tulluu: Hibboo?

Gammannee: Hibib

Tulluu: Hibboo jennaan hibib jettee?

Gammannee: Ee

Tulluu: Akka lagaa yaa'aa;

akka dhagaa taa'aa beekii naa himi?

Gammannee: Hinsoqadha; hinqoradha;

mana aayyaa seenee gaadii jiidhaa qabadha.

Tulluu: Haata'u! Soqadhu, qoradhu,

gaadii jiidhaa qabadhu.

Gammannee: Fiigaa? Dhiigaa?

Tulluu: Hinfiigu; hindhiigu.

Gammannee: Alba'aa? Galda'aa?

Tulluu: Hinalba'u; hingalda'u.

Gammannee: Mana gala moo ala gala?

Tulluu: Manallee alallee ni gala.

Gammannee: Sooratuu? Soorattii?

Tulluu: Hinsooratu; hinsoorattu.

Gammannee: Harcee siphattii? Laphee himattii?

Tulluu: Harcee hinsiphattu; laphee hinhimattu.

Gammannee: Nyaataa? Dhugaa?

Tulluu: Hinyaatu; hindhugu.

Gammannee: Samii samiin buusee,

Lafa lafaan buusee,

Biyyee biyyeen buusee,

Muka mukaan buusee,

Dhagaa dhagaan buusee,

Horii horiin buusee,

Marga margaan buusee,

Raammoo raammoon buusee,

Mixii mixiin buusee,

Tulluu: Hidhoo!Itti hindhiyaanne.

Gammannee: Gaara gaaraan buusee,

Tulluu tulluun buusee,

Haroo haroon buusee,

Citaa citaan buusee,

Nama namaan buusee,

Tulluu: Hidhoo!

Gammannee:   Bosona bosonaan buusee,

Karaa karaan buusee,

Baddaa baddaan buusee,

Hurufa hurufaan buusee,

Bishaan bishaaniin buusee,

Midhaan midhaaniin buusee,

Tulluu: Midhaanittuu!

Gammannee: Xaafii xaafiin buusee,

Garbuu garbuun buusee,

Boqqolloo boqqolloon buusee,

Qamadii qamadiin buusee,

Misingaa misingaan buusee,

Talbaa talbaan buusee,

Fuduraa fuduraan buusee,

Tulluu: Fudurattuu!

Gammannee: Dinnichaa dinnichaan buusee,

Raafuu raafuun buusee,

Muuzii muuziin buusee,

Paappayaa paappayaan buusee,

Baasqulaa baasqulaan buusee,

Tulluu: Beette! Deebiin isaa Baasqulaadha.

**Tapha 2ffaa**

Gammannee: Hibboo?

Tulluu: Hibib

Gammannee: Hibboo jennaan hibib jettee?

Tulluu: Ee

Gammannee: Godoo ilaalaa afaan lafa laalaa beekii naa himi?

Tulluu: Hinsoqadha; hinqoradha;

mana aayyaa seenee gaadii jiidhaa qabadha.

Gammannee: Soqadhu, qoradhu,

gaadii jiidhaa qabadhu.

Tulluu: Fiigaa? Dhiigaa?

Gammannee: Hinfiigu; hindhiigu.

Tulluu: Alba’aa? Galda’aa?

Gammannee: Hinalba’u; hingalda’u.

Tulluu: Mana gala moo ala gala?

Gammannee: Manallee alallee hingala.

Tulluu: Harcee siphattii? Laphee himattii?

Gammannee: Harcee hinsiphattu; laphee hinhimattu.

Tulluu: Nyaataa? Dhugaa?

Gammannee: Hinyaatu; hindhugu.

Tulluu: Qabnaa? Qabduu?

Gammannee: Ee, qabna; qabdan.

Tulluu: Samii samiin buusee,
Lafa lafaan buusee,
Biyyee biyyeen buusee,
Muka mukaan buusee,
Dhagaa dhagaan buusee,
Laga lagaan buusee,
Horii horiin buusee,
Allaattii allaattiin buusee,

Marga margaan buusee,

Raammoo raammoon buusee,

Mixii mixiin buusee,

Gammannee: Hidhoo!Itti hindhiyaanne.

Tulluu: Gaara gaaraan buusee,

Tulluu tulluun buusee,

Haroo haroon buusee,

Citaa citaan buusee,

Nama namaan buusee,

Gammannee: Hidhoo!

Tulluu: Bosona bosonaan buusee,

Karaa karaan buusee,

Baddaa baddaan buusee,

Hurufa hurufaan buusee,

Bishaan bishaaniin buusee,

Midhaan midhaaniin buusee,

Gammannee: Hidhoo hinarganne! Lafa yookiin biyya naaf kenni.

Tulluu: Finfinnee fudhu.

Gammannee: Finfinneen duruu tiyya; ka biraa naaf kenni.

Tulluu: Diillaan fudhu.

Gammannee: Diillaa tiyya dii jedhii natti gali.

Harooressaan bobbaafadhe

Haroo Waaqaa obaafadhe

Arrawaa-gurraacha itti faladhe

Gosaafi goshoon gayadhe

Itti dhaadadhee xiribbaa itti dhaabadhe

Dallawa jala si harkise

Guraadee mormatti si fannise

Ganamaa-galgala yaadda'i

Boolla halaalaa laakka'i

Gulantaa gufadhu

Areedaan gubadhu

Moonaa kiyya gorbii dii

Moonaa kee boombiin xii

Moonaa kiyya dhadhaan balxaa

Moonaa kee dhagaan karkaa

Moonaa kiyyaa kormatu bookkisa

Moonaa keetii jinnitu walboochisa

Yeroo ani gaangee sinnaarii yaabbadhu

Ati harree dudda madaa yaabbatta

Fardi sangaan hindannabsu

Kana caalaa si hinarrabsu

Afaan kee sareen haamallassu! Gammannee: Deebiin isaa, qaawa funyaaniiti.

**Tapha 3ffaa**

*Dureessaa: Hibboo?*

*Dureettii: Hibib.*

*Dureessaa: Hibboo jennaan hibib jettee?*

*Dureettii: Ee.*

*Dureessaa: Ana na erganii ati eessa dhaxxa?*

*Dureettii: Gaaddidduu.*

*Dureessaa: Beettetta.*

*Dureettii: Beekaa jaari!*

**Tapha 4ffaa**

*Dureessaa: Dureettii situ mootaan galee natti hibbifadhu.*

*Dureettii: Haata'u kaa.*

*Dureettii: Hibboo?*

*Dureessaa: Hibib.*

*Dureettii: Hibboo jennaan hibib jettee?*

*Dureessaa: Ee.*

*Dureettii: Aayyoo Makkoon ta miila tokkoo hinooltu gabaa gaaf tokko beekii naaf himi?*

*Dureettii: Hinsoqattu; hinqorattu; gaadii jiidhaa hinqabattu.*

*Dureessaa: Haadha daldaltu.*

*Dureettii: Hidhoo!*

*Dureessaa: Konkolaataa.*

*Dureettii: Hidhoo!*

*Dureessaa: Gaarii.*

*Dureettii: Hidhoo!*

*Dureessaa: Maraattuu.*

*Dureettii: Hidhoo, hinarganne! Hinsoqattu; hinqorattu; gaadii jiidhaa hinqabattusiin jedheera waan ta'eef, dafii biyya yookiin magaalaa wayii naaf kenni.*

*Dureessaa: Maqalee fudhu.*

Dureessaa: Garuu, arraba kee dammaan si qabee na hinabaarin.

Dureettii: Erga dammaan na qabdee si hinabaaru. Deebiin isaa: Saantima.

## G. Gabayaa Galtuu Tiyya

**Taphachiisaa**

Gabayaa galtuu tiyyaa!

Badhee mudhattuu tiyyaa

Shonkoora bittuu tiyyaa!

Aayyo beekkamtuu tiyyaa,

Mee shonkoora, mee shonkoora!

**Warra jalaa qaban**

Gabayaa galtuu tiyyaa!

Shonkoora bittuu tiyyaa!

Mee shonkoora, mee shonkoora!

**Taphachiisaa**

Gabayaa galtuu tiyyaa!

Guftaa uffattuu tiyyaa!

Bonkoo godhattuu tiyyaa!

Mee shonkoora, mee shonkoora!

**Warra jalaa qaban**

Gabayaa galtuu tiyyaa!

Shonkoora bittuu tiyyaa!

Mee shonkoora, mee shonkoora!

**Taphachiisaa**

Gabayaa galtuu tiyyaa!

Laakkaa godhattuu tiyyaa!

Callee naqattuu tiyyaa!

Mee shonkoora, mee shonkoora!

**Warra jalaa qaban**

Gabayaa galtuu tiyyaa!

Shonkoora bittuu tiyyaa!

Mee shonkoora, mee shonkoora!

**Taphachiisaa**

Gabayaa galtuu tiyyaa!

Irboora godhattuu tiyyaa!

Sabbata hidhattuu tiyyaa!

Mee shonkoora, mee shonkoora!

**Warra jalaa qaban**

Gabayaa galtuu tiyyaa!

Shonkoora bittuu tiyyaa!

Mee shonkoora, mee shonkoora!

Jechuudhaan sagalee yeedaloo qabuun kan taphatamu yoo tahu dhumarratti yaa bulfannu jechaa shonkooricha addaan qoodachuun alanfachuun xumurama.

## H. Waagodo-godoo

**Adeemsa Taphaa A:**

Bariisoo: Waagodo-godoo.

Bariitee: Qaanquu.

Bareedduu: Qaanquu.

Bariisoo: Goda billaachaa.

Bariitee: Qaanquu.

Bareedduu: Qaanquu.

Bariisoo: Waabee cinaachaa.

Bariitee: Qaanquu.

Bareedduu: Qaanquu.

Bariisoo: Dhawaa bitaachaa.

Bariitee: Qaanquu.

Bareedduu: Qaanquu.

Bariisoo: Kan asii dubbate bofa shame dhungate.

**Adeemsa Taphaa B:**

Galaanee: Waagodo-godoo.

Bareedaa: Qaanquu.

Badhaatuu: Qaanquu.

Galaanee: Goda billaachaa.

Bareedaa: Qaanquu.

Badhaatuu: Qaanquu.

Galaanee: Waabee cinaachaa.

Bareedaa: Qaanquu.

Badhaatuu: Qaanquu.

Galaanee:  Dhawaa bitaachaa.

Bareedaa: Qaanquu.

Badhaatuu: Qaanquu.

Galaanee: Waasaree nyaatoo!

Bareedaa: Qaanquu.

Badhaatuu: Qaanquu.

Galaanee: Waafarda nyaatoo!

Bareedaa: Qaanquu.

Badhaatuu: Qaanquu.

Galaanee: Waabofa nyaatoo!

Bareedaa: Qaanquu.

Badhaatuu: Qaanquu.

Galaanee: Waaqarcoo nyaatoo!

Bareedaa: Qaanquu.

Badhaatuu: Qaanquu.

Galaanee: Waaraacha nyaatoo!

Bareedaa: Qaanquu.

Badhaatuu: Qaanquu.

Galaanee: Haga lukkuun kiyya Baalee-baargamaa iyyutti kan seeqate, kan dubbate, kan kolfe waan maqaa waame kana mara ciffate!

## I. Oduu Durii Malaan Duuluu

Dur dur jara takkatu shan ta'anii duula deeman jedhama. Isaanis: Lukkuu, Leenca, Bofa, Huummoofi Hantuuta. Jara shanan keessaa lukkuun horii oofachuuf kaatee osoo demtu leencatti dhufte. Leenci, "Eessa deemta?" jedhee gaafate. "Horii oofachuuf deema" jetteen. "Akka ati itti oofattu ilaala" jedhee waliin deeme.

Osoo deeman Bofatti dhufan. Bofnillee, "Eessa deemtan?" jedhee gaafate. Lukkuun, "Duulaaf deema" jetteen. "Ijji tokko si ballaa; lukti tokko si muraa attamiin duulta?" jedheen Bofti. "Malumaan duula" jetteen. Boftillee "Akkuma Lukkuun itti boojitu ilaala" jedhee duukaa deeme.

Ammas osoo deeman Huummotti dhufan.Huummoon Lukkuun, “Eessa deemta?” jedhe. “Loon booji’uuf deema” jette. “Maarree akkuma ati har’a horii itti boojitu ilaala” jedhee innis waliin itti kute.

Maarree ammallee osoma deeman Hantuutatti dhufan. Hantuunnis, “Eessa deemtan?” jettee gaafatte. Lukkuun, “Horii booji’uuf deemna” jette. “Akkuma isin horii itti boojitan ilaala” jettee Hantuunnillee waliin deemte.

Deemanii deemanii bakka horiin jiru ga’anii martuu dhaabatan. Lukkuun Leencaan, “Aabboo isintu nu maraa hangafaa mee hafuura itti baafadhaa” jetteen. Leenci “tole” jedhee hafuura baafannaan, loon dammaqee moonaa keessaa yaa’e.

Loon oofanii karaa ulfaataa bira erga dabarsanii booda, lukkuun bofa waamtee “Ka humni hagana gayu kun loon kana oofannee yoo galle nurraa fudhataa mala dhayi!” jetteen. Bofti deebii osoo hinkennin turee jennaan, Lukkuun, “ani mala arge” jetteen. “Maarree galgala yeroo inni ciisee ibidda oo’ifatu achitti iddi” jetteen. Bofnillee, “Kanatu na dhibaa ree?” jedhee iddee ajjeese.

Horii oofatanii deemsa eegalan. Lammata Lukkuun Huummoo waamtee, “Nuti banne! Bofni aabboo ajjeessuu hindadhabne nu ammoo salphamatti fixee loon kana nurraa oofataa maaltu mala?” jetteen. “Maal goona ree?” jedheen Huummoon. Lukkuun deebiftee, “Laali mala arge; qabbana galgalaa yeroo inni mammaratee ciisu mataa isaa dhayii ajjeesi” jetteen. Innis, “Kanatu na dhibaa ree?” jedhee mataa dhayee ajjeese.

Lukkuu, Huummoofi Hantuunni loon san waliin oofatanii bakka itti qophatan barbaadanii achuma bulani. Lukkuun Hantuuta waamtee, “Bofti aabboo iddee ajjeese; Huummoon Bofa sanuu mataa dhayee hobbaase; kan hafe anaafi si’i malli keenya maali? Huummoon nu fixee horii kana hunda nurraa oofataa” jetteen. Hantuunni, “Maal goonaree?” jette. Lukkuun deebitee Hantuutaan, “Hennaa Huummoon oo’ifatee rafu jala seeniitii koolaa isaa irraa cirii qullatti hanbisi!” jetteen. Hantuunni waan jedhamte niraawwatte. Huummoonis achumatti hafe.

Lukkuufi Hantuunni deemanii mana Lukkuutti galanii waliin jiraachuu eegalan. Osoma waliin jiraataa jiran Lukkuun Hantuuta waamtee, “Bada Hantuuta! Ati qondaala; hantuuta hunda caalta! Bofti aabboo ajjeese; Huummoon Bofa ajjeese; Hantuunni ammoo Huummoo lafatti hanbise.

Dhugama ati qondaala maraa oliiti! Goota mirgaan gale! Kanaafuu, meedhicha hidhattee geeraruu qabda" jetteen. Hantuunnis akkuma jedhamte meedhicha godhattee gadi baatee kosii gubbaa teettee geeraraa turte. Risaan itti dhufee fudhatee lufeen.

Lukkuun kophaa ishee loonitti haftee,
"Bofti Leenca ajjeese.
Huummoon Bofa ajjeese.
Hantuutaan ati qondaalaa ba'ii geerari jedhee meedhicha mormatti dirachiisee akka risaan fudhatu godhe!" jettee geerarte.

Sanirraa ka'amee, "Malaan duuluun akkana!" jette Lukkuun jedhamee haga har'aatti mammaakama jedhama.